# XIINXALA ERGAA AFWALALOO FAARUU LOONII GODIINA SHAWAA KAABAA AANAA DABRA LIBAANOOS

**ALAMAAYYOO GAMMACHUU IDA'AA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN ROMOO BARSIISUUN GAMIISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**YUUNVARSIITII FINFINNE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII, 2014/2022**

**FINFINNEE**

# XIINXALA ERGAA AFWALALOO FAARUU LOONII GODIINA SHAWAA KAABAA AANAA DABRA LIBAANOOS

**QORATAA:ALAMAAYYOO GAMMACHUU IDA'AA**

**GORSAA: ASAFA TAFARRAA DIBAABAA(PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**AMAJJII, 2014/2022**
**FINFINNEE**

**Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee**

Ani Alamaayyoo Gammachuu Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf mataduree “Xiinxala Ergaa faaruu loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos” jedhu irratti hojjetame kan koo ta’uu gabaasee jira.

Koree Qormaataa

1. QoraaAlaa__________________________Mallattoo_______________Guyyaa_________

2. Qoraa Keessaa______________________Mallattooo______________Guyyaa____________

3. Gorsaa_____________________________Mallattoo_______________Guyyaa____________

________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee yookaan Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Galata

Hunda dursee gorsaa koo kan ta'an Dr. Asafaa Tafarraa jalqaaa hanga dhumaatti nuffii tokko malee gorsa naaf kennuun qorannoo kana kallattii qajeeladhaan akkan waarradhu karaa waan naqabsiisaniif galata guddaa narraa qabu waan ta'eef Waaqayyoon umrii dheeraa isaaniif yaa kennu jechuun barbaada.

Itti aansuun maatii koo osoo ofii hinbaratan barsiisee sadrakaa kanaan na gahan harmee koo aaddee Warqii Abdii obboo Gammachuu Ida'aa galata guddaan isaaniif qaba.Dabalataanis haadha manaa koo addee Gannat Girmaa haala hojii qorannoo kanaa waan naaf mijeessaniif galateeffachuun barbaada.

Dhumarrattis,qaama hojii qorannoo kanaaf odeeffannoo naaf laatan Waajjiraa Aadaafi Turizimii Aanaa Dabra Libaanoos, maanguddootafi dargaggoota yeroo hojii isaanii aarsaa godhuun odeeffannoo naaf kennaniif galata guddaa galchuufiin barbaada.

# *Axeeraraa*

*Qorannoon kuni ergaa afwalaloo faaruu loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoo xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.Faaruun loonii kunis xiyyeeffannoo dhabuu irraan kana ka'e aadaa,seenaafi duudhaa hawaasichaa duukaa dagatamaa jira,Isa kana badii irraa oolchuuf immoo gumaacha guchuun barbaachisaa ta'a.Kaayyoon qorannoo kanaas, maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruuloonii kana keessatti dhiyaatan irraa ka'uun ergaa faaruu kanaa xiinxaluu ta'a.Qorannoon kun mala akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta'u, tooftaalee iddatteessu carraa alaatiin iddattoon fudhatamee jira..Meshaalee funaansa ragaalee, daawwannaa, mariigareefi afgaaffiidhaan odeeffannoon walitti qabamee jira. Odeeffannoo funaaname kanas ergaan isaa xiinxalamee jira.Maqaan bakkeewwanii faaruu kana keessatti dhiyaatan Liqimmee iddoo malkaan horaa sirni Irreechaa itti geggeeffamudha.Tulluu Xaree iddoo abdaariin warra Mikoo Odaa itti argamu yoo ta'u, Gaarri Saldhee iddoo ejresi bokkuu abdaariin warra Bultum Boonaa itti argamuudha. Bakkeewwan kuni iddoo ulfoo waaqqeffannaadhaaf tajaajilu ta'uu hubatamee jira,Maqaan uumama immoo biqiloota, Midhaan sanyii gara garaa,loonifi bu'aa loonii ta'uu hubatamee jira.Maqaa faaruu kana keessatti dhiyaataniin walqabatee ergaan faaruu kanaa: gama gorsaa, aadaa, duudhaa, diinagdee, seenaa, siyaasa, barnootaa dabarsuu, galateeffannaa, falaasama, hawwii, qabsoo, balaaleffannaa, icciitii, komii, marartee, oolmaa, dinqisiiffannaa, abaarsa, eebbaafi hawaasummaa ibsuun akka hubatamu bira gahamee jira.*

**Jibsoo, Gabaajeefi Kottoonfachiisa**

Jechoonni yookiin gaaleewwan armaan gadiitti tarreeffaman qorannoo kana keessatti bakka garaa garaa galanii jiru. Isaanis, nama qorannoo kana dubbisutti gufuu akka hin taaneef hiikni isaanii naannoo qorannon kun geggeeffametti qabaniin kennamee jira.

| | |
|---|---|
| Dhangalaasii: | Kennaa warra ayyaanaati galu |
| Dhiichisa: | Faaruu sochii qaamaafi ulee waliin hurruubamu |
| Furda: | Utubaa manaa |
| Gorba: | Loon gu’eessaa,raaddeniifi jiboota |
| Gorra’uu; | Horii qaluuf kokkee albeedhaan kutuu |
| Haxaaru; | Fashaleessuu |
| Hinfakkanu; | Haala gaariin guddatee umrii dheeraa kan hin jiraatne |
| Hirmii ; | Soorata nyaatamuu hin malle nyaachuu |
| Jeekkaraa; | Nama faaruu warra ayyaanaa baasu |
| Jeekkarsa; | Faaruu warra ayyaanaa |
| Naana ; | faaruu taa’anii farsoo dhugaa hurruubamu |
| Wadaaja; | Sirna kadhannaa waaqaa |
| Xinqeeyyaa: | Hariiroo dhala namaafi qabeenya uumamaa gidduu jiru |

**Gabaajee**

| | |
|---|---|
| A/G | Abbaa Gadaa |
| b/I | ganda baabbuu idooroo. |
| d/J | ganda dirree jibboo |
| D/L | Aanaa Dabra Libaanoos |
| g/w | ganda gooroo warxuu |
| H/W/Afi T/A/D/L | Hijjetaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii |
| H/siiqqee | Haada siiqqee |
| I/G/B/A/D/L | Itti Gaafatamaa Bulchiinsa Aanaa Dabra Libaanoos |
| I/G/G/SH/K | Itti Gaafatamaa Godiina Shawaa Kaabaa |
| I/G/W/Q/A/D/L | Itti Gaafatamaa Waajjira Qonnaa Aanaa Dabra Libaanoos |
| Q/Bulaa | Qonnaan Bulaa |
| Q/bultuu | Qonnaan Bultuu |

**Kottoonfachiisa**

| | |
|---|---|
| Dhi. | Dhiira . |
| Dub. | Dubartii |
| Sh.01 | Magaalaa Shararoo danda 01 |
| Xumm. | ganda xummanoo |
| Machs. | ganda machallaa saldhee |
| We. | Aanaa Wacaalee |
| Waakk. | ganda waakkennee |

Baafata fuula

Galata ..... ii

Axeeraraa ..... iii

Jibsoo, Gabaajeefi Kottoonfachiisa ..... iv

Tartiiba Suurawwwanii ..... viii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seen Duubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka'uumsa ..... 2

1.3.Kaayyoo ..... 2

1.4 Barbaachisummaa ..... 3

1.5 Daangaa ..... 3

1.6 Hanqina ..... 3

1.7 Naamusa ..... 4

1.8 Seenaa Hundeeffamafi Moggaasaa Aanaa Dabra Libaanoos ..... 4

1.9 Haala Waliigala Aanaa Dabra Libaanoos ..... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATA'A BARRUU FIROOMANII ..... 8

2.1 Fookloorii (Oguma) ..... 8

2.2 Afwalaloo ..... 8

2.3 Caacculee Afwalaloo ..... 9

2.4 Gosoota Afwalaloo ..... 10

2.5 Faaruu ..... 11

2.6 Gosoota Faaruu ..... 11

2.7 Faaruu loonii ..... 12

2.8 Faaruu Loonii Bifa Gara Garaa ..... 12

2.9 Maalummaa Bakkeewwanii (landascape) ..... 13

2.10 Maalummaa Uumamaa ..... 13

2.11 Yaaxxina Qoranniochaa ..... 14

2.12 Qorannoowwan Aantee ..... 14

BOQONNAA SADI: XIN MALA QORANNOO ..... 15

3.1 Gosa qorannichaa ..... 16

3.2 Irraawwatamaa ..... 16

3.3 Mala ........ 17
3.4 Saxaxa (ijaarsa) ........ 17
3.5 Madda odeeffannoo ........ 17
3.6 Iddattoo ........ 18
3.7 Mala Iddatteessuu ........ 18
3.8 Malleen Funaansa Ragaalee ........ 19
3.8.1. Afgaaffii Banaa ........ 19
3.8.2 Mariigaree ........ 19
3.8.3 Daawwannaa ........ 20
3.9 Mala Xiinxala Ragaalee ........ 20
3.10 Qindaa'ina ........ 21
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 22
4.1 Faaruu Loonii Bakkeewwaniin wal Qabate ........ 22
BOQONNAA SHAN: YAADA CUUNFAA, ARGANNOOWWANIIFI YABOO ........ 41
5.1 Cuunfaa ........ 41
5.2 Argannoo ........ 44
5.3 Yaboo ........ 45
WABIILEE ........ 46
Dabaleewwan
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E

## Tartiiba Suurawwanii

Tartiibin suuraalee armaan gadiitti dhiyaatan kun gabaasa qorannoo kana keessatti fuula waraqaa qorannoo suuraaleen irratti argaman agarsiisu.

Suura.1 (Af-gaaffii Obb. Mul'ataa Maaramii irraa guyyaa 14/08/2013 argame. Suura Salamoon Darribaan kaafame). ........ 24

suura 2: (Af-gaaffii Admaasee Kabbadaa irraa guyyaa 12/09/13 argame suura Taarikuu Ajabuun kaafame). ........ 29

suura 3: (Marii Garee Obb. Taammiruu Gaarii, Obb, Lammaa Gammachuu, Obb.Bokee Lammaafi Darribaa Warqii waliin Guyyaa 10/06/13 taasifame irraa,argame. Suura Taarkuu Ajabuun kaafame) ........ 31

Suura 4: (Marii garee guyyaa 15/07/13 magaalaa Shararootti Ob/Jiisaa Suyyumfi Add. Faayituu Wadaajoo waliin afgaaffii taasifame,suura Amsaaluu Bokee kaafte.) ........ 35

suura 5 : (Marii Garee Obb. Darribee Baayyuu, Obb. Xibabuu Taaffasaafi Obb.Abrahaam Taaddasaa waliin guyyaa 01/13/12 taasisame, suura Ob, Zargaa Hurrsaatiin kaafame) ........ 36

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seen Duubee Qorannichaa

Uummann Oromoo sanyii uummata Afaan Kuush dubbatu kan Gaanfa Afrikaatti argamuudha. “The Oromo existed as a community of people for thousands of years in Ethiopia in specific and East Africa as a whole”Hassen (1990), Kelbessa (2001) & Dewo (2009). Uummanni kuni naannoolee salgan jiran keessaa naannoo Oromiyaa kan uummata heduu qabee jiraatu keessa akka jiraataniifi aadaa,seenaafi duudhaa dhuunfaa isaa kan addunyaa keessa itti jiraatu akka qaban nihubatama (Dibaba 2015).Uummanni kuni Afaan Afaan Oromoo afaanota Afrikaatti dubbatamu keessaa afaan Arabaa, Awusaafi suwaayiliitti aanee baayina ummata afaanicha dubbatuutiin sadarkaa afraffaarratti argamu kan dubbataniidha (Geremew and Hunduma 2018 :1).Kana malees;lafa biyyee gabbataa qabeenya uumamaa qabufi iddoo qilleensi jireenyaaf mijataa ta’e qabatee jiraachaa akka ture hubatama (Bokku 2011).Kanaafuu uummanni kuni hojii qonnaa irrattii bobba’ee jireenya isaa geggeessuuf naannoo mijataa irra akka jiraacha ture hubatama.

Afoolli meeshaa sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya, heeraafi seera, aadaa, safuu, faalasamafi ilaalcha Addunyaa kanaaf qabu, ogafaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha.Yaaduma kana kan deeggaru Dibaba (2009) dhalli namaa ilaalcha isaa barreeffamaan  ofibsuu osoo hinjalqabiin dura ogafaan, akkasumas fakkiifi boca gara garaa kannneen waantoota aaddaa jalatti hammatamaniin yaada ofiisaa ibsachaa akka ture addeessa.

Uummanni Oromoo aadaa boonsaa Jiruufi jieenya isaa keessatti kalaqame kan qabuudhadha.Zelalem (2010) akka addeessutti uummanni kuni seenaa bara dheeraa qabu sammuu isaa keessa olkaahuun bifa afwalalootiin yaadatamee afaaniin dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa dhufee har’a gahee jira.

Afoolli calaqqee jiruufi jireenya ilma namaati. Akka Suufiyaafi Kaawwan (1999) addeessanitti afoolli meeshaa gaddaa, gammachuu, safuu, aadaa, falaasama, muuxannoo, duudhaa afaaniifi gochaan dhalootaa duraarraa kan itti aanutti darbuudha.Gosoota afoolaa keessaa afwalaloon isa tokkoodha.Afwalaloo keessaa immoo faaruun loonii damee afoolaa waan ta’eef, faaruun kunis akka Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaaluun ergaa akkamii akka ofkeessaa qabu xiinxaluun dhaloota haaraadhaaf ifa gochuun barbaachisaa ta’a.

## 1.2 Ka'uumsa

Afwalaloon Oromoo maqaa bakkeewwaniifi uumama naannootti argamaniin walqabatee kan hurruubamuudha (Dibaabaa 2015).Yaaduma kana kan deeggaru Seenessaa (2020) afwalaloon naannoo Salaalee maqaa uumama naannoo kanneen akka laga Mogor, Jamaa, Tulluu Salaaleefi kkf. dhimma itti bahuun hurruuma.Afwalalolon bifa kanaan dhimma itti bahamu ergaa dhimma hawaasichaa fuulleffate baatee labata haaraadhaaf dabarsa.

Afwalaloon faaruu loonii Aanaa Dabra Libaanoosis haaluma kanaan maqaa bakkeewwaniifi uumama naannootti argamaniin walqabatee kan faarfamuudha.Afwalaloon kunis ergaa dhimma hawaasichaan walqabate baatee dhaloota haaradhaaf dabarsaa turee har'a gahee jira. Isa kanas dhaloonni haaraan akka hubatan barreeffamaan olkaa'uun barbaachisaa ta'a.Qorannoo kanas akkan qoradhu kan na taasise xiyyeeffannoo dhabuu irraan kan ka'e dagatamaa deemuu faaruu kanaati. Akkasumas; aadaa,duudhaafi seenaan faaruun kuni baatee dhaloota haaraatti dabarsu duukaa awwaallamaa deemuu isaati.Gaaffileen bu'uuraa qorannoon kuni nideebisa jedhamee yaadames akka aramaan gadiitti dhiyaatani jiru.

1. Faaruu loonii aanichaa keessatti maqaan bakkeewwaniifi uumama dhiyaatanii maal fayi? Hiikni isaanii maal jechuudha?
2. Faaruu loonii aanichaa eenyutu baasa?,Eessattifi haala akkamii keessatti dhimma itti bahama?.
3. Maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruu kana keessatti dhiyaataaniin wal qabatee,ergaan faaruu kana irraa hubatamu maali?

## 1.3. Kaayyoo

Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa afwalaloo faaruu loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanos xiinxaluu yoo ta'u, kaayyoon gooree isaa immoo:

1 Maqaan bakkeewwaniifi uumama afwalaloo faaruu loonii keessatti dhiyaatan maalfaa akka ta'e hiikkaa isaanii waliin ibsuu.

2 Faaruu loonii kana eenyu akka baasuu,eessattifi haala akkamii keessatti akka dhimma itti bahamu ibsuu.

3 Bakkeewwaniifi uumama faaruu kana keessatti dhiyaatan wal qabatee ergaan faaruu kana irraa hubatamu addeessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa

Qorannoon kun yoo geggeeffame qaamolee adda addaaf akka fayyadu amanama.Afwalaloon faaruu loonii maqaa bakkeewwaniifi uumama naannootiin walqabatee hurruubamu kun hamilee hojii,madda bashannanaafi bowaartidhaaf itti dhimma bahama.Kana malees dargaggootani guyyaa sirna hawaasummaa gara garaa irratti dabarsan loon faarsaa jaalala waliif qaban ibsuuf dhimma itti bahama.Kanamalees;faaruun kuni seenaa,duudhaafi aadaa hawaasichaa baatee dhaloota haaraaf dabarsuuf garagaara.Kanaafuu qorannoon kuni hojjetamee yoo xummuurame qaamni irraa fayyadamu:

- Dhalootni haaraa aanichaa faaruu loonii kana bifa xabummaa isaa eegen argachuun dhimma itti  bahu.
- Hawaasni aanichaa seenaa aadaafi duudhaa isaa akka kunuunfatuufi dhaloota dhalootatti akka dabarsatuuf hubannoo irraa argachuu danda'a.
- Ogeeyyi mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabu geggeessuu barbaadaniif ka’uumsa ni ta’aaf.

## 1.5 Daangaa

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu mirgi abbummaafi itti gaafatamummaan isaa akka jiraatu dallaa itti ijaaruun dirqama ta’a.Addunyaa (2011) yoo ibsu qorannoo tokko geggeessuuf daangaa isaa ibsuun barbaachisaa akka ta’e addeessa.Daangan itti ijaarramu kunis bal’ina Lafaatiin ta’uu danda’a

Gama biraatiinis afoolli baay’ee bal’aa waan ta’eef daangessanii qorachuu barbaachisaa ta’a. Dastaa (2002) yoo addeessu afoolli dameewwan akka mammaaksa.durdurii,geerrarsa,sheekkoo, faaruufi kkf. waan hammatuuf bakka tokkotti walitti qabanii qoo’achuun rakkisaa akka ta’e hubatama.Kanaafuu qorannoon kunis afwalaloo keessaa faaruu loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos keessatti dhimma itti bahamu irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6 Hanqina

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamuu daandiin ittiin hojjetamu guutumaan guututti mijataadha jechuun hin danda’amu.Addunyaa (2011) yoo ibsu qorannoo tokko geggeessuuf

rakkoon qorataa muudachuun kan hin oolleedha.Aadeemsaa hojii qoranoo kanaa keessatti rakkoon namuudatan tooftaa keessaa dabrame waliin akka armaan gadiitti heeramanii jiru.

Rakkoon as keessatti na muudatan jedhamee yaadames kitaabilee wabilee gahaa dhabuu, baasiin isaa qaalii ta’uurran kan ka’e kaameeraa viidiyoo waraabu dhabuufi namoonni raga naaf kennan duubatti ofqabuudha.Gufuuwwan kanas hanqina kitaabilee wabii PDF. irraa buusuun fayyadamee jira.Iddoon kaameeraa dhabettis bilbilatti fayyadamuun odeeffannoo argadhe funaannadheen jira.Ragaa kennitootni,odeeffannoo kennuu irraa akka of hinqusanne aadaa isaaniitiif ulfina kennee itti dhiyaachuun ragaa isaan irraa barbaadu argadheen jira.

## 1.7 Naamusa

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf naamusni qorannoo kan ta'e aadaafi safuu hawaasichaa kabajuun akkasumas amala gaariidhaan hawaasichatti dhiyaachuun barbaachisaadha.Akka Bayyanaa (2016) ibsutti qorataan tokko odeeffannoo barbaade tokko milkaa’inaan argachuuf uffannaadhaan, nyaataanfi amala qaama odeeffannoo irraa fudhatu sana fakkaatee itti dhiyaachuu akka qabu addeessa.Kana jechuuniis odeeffannoo kennitootni qaama odeeffannoo fudhatu sana biratti akka hindhiphanneefi odeeffannoo gahaa akka kennan gargaara.


Haaluma kanaan ragaa kennitoota irraa odeeffannoo fudhadhachuuf kaayyooo qorannoo kiyyaa ibsuudhaan hayyama gaafachuun,odeeffannoo barbaachisaa ta’e fudhee xummuuruun namoota odeeffannoo naaf kennan galateeffachuun biraa deemee jira.

## 1.8 Seenaa Hundeeffamafi Moggaasaa Aanaa Dabra Libaanoos

Aanaan Dabra Libaanoos Oromiyaa Godiina Shawaa Kaabaa Salaale keessatti kan argamtuudha (Dibaba 2015:85).Akka bulchaa Godiina Shawaa kaabaa Obb Abrahaam Gaaddisaa irraa argametti Aanaan Dabra Libaanoos aanaalee 13 godiinichi qabu keessaa ishii tokkoodha.

Maqaan aanaa kanaa kan moggaafame erga gadamiin Dabra Libanoos hundeeffameen booda.Akka ragaa bulchaa Aanaa Dabra Libaanoos Obb. Marahaa Xibabuu irraa argametti aanan kun kaaba dhihatiin Aanaa Giraar Jaarsoo,kibba Dhihaatiin Yaayyaa Gullee,Kibbaafi Kibba Bahaatiin Wucaaleefi Kaaba Bahaatiin naanno amaaratiin daangeffamtee jirti. Akka Waajjira Bulchiinsa Aanaa Dabra Libaanoos irraa hubatamutti Magaalaan gudditti aanaa kanaa shararoo kan jedhamtu yoo ta’u magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee irraa gara kaabaatti kiiloo meetira 89 fagaattee argamti. Akka Waajjira Bulchiinsa Aanaa Dabra Libaanoos irraa hubatamutti

Magaalaan gudditti aanaa kanaa shararoo kan jedhamtu yoo ta’u magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee irraa gara kaabaatti kiiloo meetira 89 fagaattee argamti.




## 1.9 Haala Waliigala Aanaa Dabra Libaanoos


Qilleensi baramaa Aanaa Dabra Libaanoos bakka saditti qoodama.Itti gaafatamaan Waajjira Qonnaa aanichaa Obb. Habtagabrel Kinfuu irraa hubatamutti bal’inni qilleensi baramaa kuni qabee jiru waliin yoo ibsamu,baddaan 60%, Badda dareen 30%fi gammoojiin 10 %. qabatee jira.Haalli ho’a aanichaa 19oc-230c gidduutti kan argamuudha.Waqtiin aanichii rooba guddaa itti argatu gannaa (Waxabajjii,Adoolessaafi Hagayya) yoo ta’u roobni aanichii waggaatii argatu 800mm-1200mm dha.Akka ejensiin lakkoofsa manaafi uummaataa biyyoolessaa 2007 irraa hubatamu lakkoofsi uummata aanaa kanaa dhiira 23,351 dubartii 21,828 ida’ama 45179.Aanaan akaakuun biyyee gara garaa akka biyyee Gurraachi 56%,Diimaa 38 %fi biyyee magaala’aa 6 %

kan ta’uu uwwifamee jira. .Diinagdee aanichaa ilaalchisee harki caalui qonnaa irratti kan hundeeffgameedha.Midhaan oomishamus gosoota sanyii gara garaa kanneen akka baaqelaa, atara, mishingaa, qamadii, missira, xaafii, garbuu, nuugii, gaayyoo, shumburaafi kkf. dha. Beeyladootni akka loonii, hoolota, re'oota, kanniisa, harrootafardeen, lukkuufi kkf. bal’naan horsiifamu.

Aanicha keessa bu’uuraalee misoomaa gara garaatu jira.Akka Itti gaafatamaa Bulchiinsa Aanaa Dabra Libaanoos Obb. Marahaa Xibabuu irraa hubatametti bu’uuraaleen misoomaa gurguddoon aanicha keessatti argama kanneen akka Mana Barumsaa, Buufata Fayyaa, Ibsaa, Daandii, Teeleefi bishaan dhugaatii qulqulluudha. Bu’uuraaleen misoomaa kuni ibsaan magaalaa Shraroo, ganda sonee, ganda xummaanoo, ganda xareefi ganda amaaraa kanta’e gada addis aalam keessatti argama. Bu’uuraaleen misoomaa bishaan qulqulluu immoo Magaalaa guddittiin aanaan Dabra LIbaanoos Shararoo, ganda xummaanoofi ganda addis aalam keessatti argama. Gandoonni aanicha keessa jiran hundinu manneen barnootaa kutaa 1-8 kan qaban yoo ta’u, mana barumasa sadarkaa 2ffaa kutaa 9-12 immoo magaalaa shararoofi ganda addisa aalam keessatti argama. Daandiin aspaaltii Finfinnee irraa gara Kaabaatti naanoo Amaaraa deemu magaalaa Shararoo dabalatee gandoota sadi keessa qaxxaamuree darba.Kana malees gandoota aanicha keessatti argaman hundinuu daandiin cirrachaa wal isaan qunnamsiisu qabu.Buufata fayyaa ilaalchisee akka aanichaattis buufata fayyaa lamaafi keellaa fayyaa saddeet qabaachuudhaan beekamti.

Hiddaa dhalootaafi qubsuma Oromoo Aanaa Dabra Libaanoos ilaalchisee Oromoon kaaba Itoophiyaa jiraatan warren Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos keessatti gosa Tuulamaa jedhamaniidha.Akka Seenessaa (2020) addeessuttis Oomoo gara kaaba biyyattiitti faca’ee jiraachaa tura gosa sanyii Tuulamaa akka ta’e addeessa.

Caasaa Latiinsa Hidda Oromoo Tuulamaa




***(Madda: Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa fi Maanguddoo obbo Simee Addunyaa)***

# BOQONNAA LAMA: SAKATA’A BARRUU FIROOMANII

## 2.1 Fookloorii (Oguma)

Jechi fookloorii jedhu yeroo hundumaa kan dubbatamaa oolu yoo ta‘ellee hiikkaa quubsaa ta‘een lafa kaa‘uun rakkisaadha.Haat’u malee Oring (1986:135) Dundes (1965) Waabeeffachuun jecha kana bakka lamatti qooduun  yoo ibsu ‘folk‘ garee hawaasa kamiyyuu ta‘ee yoo xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha.Waan isaan waliin qooddataan kun ammo, ibsituu eenyumma hawaasa tokkoo akka ta’e addeessa.Jjecha ‘lore’ jedhu immoo gooroowwan qabeenyaa kalaqa sammuu dhala namaa kan ta’e keessaa muraasa isaanii kanneen akka raagamtaa,afseenaa, durdurii ,baacoo, mammaaksa, hiibboo, eebba, abaarsa, arrabsoo, kaka, huruursuufi kkf bal’inaan tarreessuu irratti xiyyeeffata.Kanaaf,jechi folklore jedhu qabeenya kalaqa sammuu garee hawaasa tokkoo agarsiisa jechuudha.

Fookloriin damee gurguddoo afuritti qoodama. Isaani:Wantoota aadaa,Duudhaa hawaasaa,Aartii sochii hawaasaafi Ogafaan jedhamu (Dorson 1972).Dameewwan fookloorii kannneen keessaa ogafaan fudhannee yoo ilaalles,salphaatti ibsuun rakkisaa waan ta’uuf faayidaa inni hawaasaf kennu irratti hundaa’uun hiikkaa itti kennuun nidanda’ama.Akka Georgesfi Jones (1995:314) addeessanitti faayiidaa ogafaan hawaasaaf qabuu bu‘uura godhachuun yoo ibsan ogafaan meeshaa hawaasni tokko aadaa isa, dudhaa, eenyummaa, seenaa isaa ittiin beeksifatu.Akkasumas ittiin bashannanuufi walbashannansiisuf itti dhimma bahuudha.Walumaa galatti ogafaan bal’ina isaa irraan kan ka‘e bakka tokkotti walitti qabanii hiikuun rakkisaadha.Kallattii inni hawaasaf oolu irratti hundaa’uun yoo hiikamu ogfaan kalaqa sammuu hawaasaa kan ta’eefi meeshaa ittiin beekumsaa waliif qooduufi bashannanaaf itti dhimma bahamuudha.

Ogafaan akkaataa lufiinsa unkaa aisaatiin hololoodhaan kan darbaniifi bifa walaloo yeedaloodhaan kan dhiyaachuu danda‘uudha (Adaanaa 2010). Kanaafuu ogafaan unkaa isaa irratti hundaahuun bakka lamatti kan qoodamu ta‘uu hubatama.Qorannoon kunis faaruu loonii damee afwalaloo irratti waan xiyyeeffateef, yaad rimeen isaas akka tiit aanutti hubatama.

## 2.2 Afwalaloo

Afwalaloodhaaf salphaatti hiikkaa kennuun rakkisaadha.Akka Dabalee (2011) addeessutti yaadrimeen afwalaloo baay’ee walxaxaa akka ta’eefi barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokko irraa isa itti aanutti akkasumas naannoo tokko irraa gara ollaatti kan

lufuudha.Yaaduma kana kan dhugoomsu afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa walalootiin qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufee hara'a gahee dha (Bayyanaa 2016). Kanaafuu afwalaloon hawaasa tokko keessattuu yoo ilaalle yeroofi iddoo inni dhimma itti hin bahamin hin jiru.Kana jechuun hawaasni tokko yeroo gara garaa hojiirratti, nyaataa,kabajaa ayyaana gara garaarratti,fuudhaa heeruma,waaqeffannaa,mana ijaarsaa,hojii qonnaafi kkf. keessaatti afwalaloo gara garaa dhimma itti bahau.Kana irraa kan ka'e afwalaloodhaaf hiikkaa salphaa namoota hunda waliif galchu tokko lafa kaahuun rakkisaa ta'a.

Afwalaloon bu'aa bahii jireenyatiin kan walqabateedha.Akka Andrzejewski (1985) and Okpewho (1992) ibsanitti afwalaloon gochaawwan hawaasni akka waliigalaatti guyyaa guyyaan jireenya isaanii moo'achuu taasisaniidha.Kana jechuun namni gochaa gaarii hojjete ittiin jajjabeeffama.Akkasumas kan safuu hawaasaa cabse ittiin qeeqama.Kanaafuu afwalaaloon calaqqee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka ta'eedha.

Gama biraatiin afwalaloon ogafaan unkaa gaggabaabaa qabu ta'ee, yoomessa gara garaa keessaatti faayidaa gara garaatiif kan ooluudha Finnegan (1977: 241). Kana jechuunis maalummaafi faaydaan afwalaloon tokkoo kan hubatamu yoomessaafi akkaataa itti fayyadama isaa keessati akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Kana jechuuns afwalaloon biyyoota uummanni isaanii hundi oguma barreeffamaa hin gonfanne keessatti akkaataa jireeny isaanii ittiin geggeessan calaqqisiisuuf iddoo guddaa qaba (Zelalem 2010:10). Kanaafuu afwalaloon namoota afaan barreeffamaa hin qabne biratti haala jiruufi jireenya isaanii itti geggeeffatan dhaloota haaraa dhaalchisuuf akka oolu hubatama.

Afwalaloon tokko hawaasa tokko keessatti lubbuu horatee jiraachuu isaa kan ittiin beekamu amaloota adda addaa qaba.Akka Finnega (1970) and (1992) addeessitutti amaloota afwalaloon qabu keessaa muraasni hurrubummaa, ummatummaa, jijjiirramummaa, lufummaafi kkf. akka ta'e addeessiti.Amalli afwalaloon ittiin beekkamu kan biraa akka barwalaloo barreeffamaan labata haaraatti lufee dhabuu isaati.Haata'u malee afwalaloon afaan barreeffamaa qabu gama barreeffamaatinis labata haaratti dabra jira.

## 2.3 Caacculee Afwalaloo

Afwalaloon akkuma oguma kaanii caacculee gara garaa ofkeessatti hammaatee jira,Akka Dereje (2013) addeessutti caacculeen kunis ergaa,qooddattoota, yoomessa,seenaa,sabseenaafi kkf. akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Caacculeewwan kunis hojii kalaqa sammuu dhala namaa tokko

lubbuu itti horuun utubanii kan dhaabaniidha (Frey, L., Botan, C., & Kreps, G. 1999).Kanaafuu afwalaloo tokko oguma kan isa jechisiisu caacculeewwan yookaan caasaa inni irraa ijaarrame akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Qorannoon kunis ergaa faaruu loonii xiinxaluu irraatti waan xiyyeeffateef caacullee kanaa olitti heeraman kanneen keessaa maaalummaa ergaa addeessuun barbaachisaa ta'a.Ergaan hiikkaa giddu galeessaa ifatti mul'atu qofa osoo hin taane akka ibidda dhaamee yookaan waan riphee dhokatee jiruudha.Akka Ryan,G.W. (2000) addeessutti ergaan akkuma ibsaa yeroo itti qabsiifamutu jira. Haaluma kanaan afee tokko keessaatti ergaan dhokatee jiru yeroo xiinxaalame ifatti bahee mul'achuu danda'a.kunis kallattii amantaa, duudhaa, ilaalcha, aadaa, safuutiin hubatamu danda'a (KGOBE 1994).Kanaafuu afee tokko keessatti ergaan yoomeessa isaa irratti hundaa'ee akkaataa gara garaatiin xiinxalamuu akka daanda'u hubatama.

## 2.4 Gosoota Afwalaloo

Gosoonni afwalaloon ulaagaalee qoqqoodii gurguddoo ta'an kanneen akka kaayyoo, hurubummaa, yoomessafi unkaa isaatiin gosa adda addaatti qoodamuu danda'a. Akka Andirizeeksi (1985,410-14) ibsutti gosoonni afwalaloo kan yeroo daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne ijechuun bakka lamaatti qoqqodama.Afwalaloon yeroon hindaangofne afwalaloo jaalalaa, amantii ateeteefi kkf. yoota'u, afwalaloon yeroon daanga'an ammoo afwalaloo faaruu loonii, walaloo boo'ichaa, walaloo goototaafi kkf. akka ta'an addeessa.Yaada kana irraa wanti hubatamu afwaloon ulaagaa yeroodhaan bu'uura godhachuun bakka lamatti qoodamuu akaa danda'amuudha.

Gama biraatiin afwalaloon kaayyoo isaa irratti hundaa'uun qoqqooduun nidanda'ama.Akka Tafarii (2006) addeessutti afwalaloo bakka saddeetitti qoodee ilaala. Isaanis: walaloo jaalalaa, geerersaa, walaloo hojii (horii faarsuufi qonna), Walaloo Amantii (Ateetee, kadhannaa, Irreecha), Walaloo goototaa (Nama kan ittiin qeeqan), Walaloo mirrisaa (bakka barbaannetti miira gaddaas ta'ee gammachuu kan ittiin ibsan),Ururssa daa'ima sossobuuf oolan jechuun bakka saddeetitti qooda. Akka Taaddalaa (2008) ibsutti gosoota afwalaloo Oromoo walaloo weedduu gaa'laa, walaloo sirba aadaa, walaloo weedduu,walaloo ateetee, walaloo faaruu loonii, walaloo geerersaa, walaloo tapha ijoollee, walaloo sirba tikee, walaloo boo'ichaa, walaloo amantaaleefi kanneen kana fakkaatan dabalachuu akka danda'u addeessa.

## 2.5 Faaruu

Faaruun sirba bareedaa dinqisiiffannaa ofkeessaa qabuudha.Akka galmeen jechootaa Afaan Oromoo (1996) irraa hubatamutti jechi faaruu jedhu sirba gaariisaa kaasanii sirbuu, daboon loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa, mararfachuu akka ta’e hubachiin nidanda’ama. Akkasumas galmee jechootaa Afaan Oromoo-Ingilizii-Amaaraa (2007) maqaan isaa“ODAA” jedhamu irraa akka hubatamuttis jechi faaruu jedhu sirba galateeffannaa yookaan dinqisiiffannaa akka ta’e hubatama. Yaaduma kana kan deeggaru Kanouse, Gumpert, & Canavan-Gumpert (1981) faaruun gosa afwalaloo akkaataa qaamaa oolmaa guddaa namaaf oole bifa sirbaaatiin dinqesiiffannaa yookaan ittii quufiinsaa yaadaa ofkeessa akka qabu hubatama.

Gama biraatiin faaruun meeshaa beekumsa ittiin waliif qoodaniidha.Misgaanuu (2011:70-71) yoo ibsu faaruun karaa hawaasni tokko hubannoo yeroo darbee dhaloota haaradhaaf ittiin dabarsu akka ta’e addeessa.Kanaafuu faaruun muuziqaa miira galateeffannaa, dinqisiifannaafi marartee ofkeessaa qabuun dhiyaatauudha. Faaruun kunis aadaa, seenaa, falaasam, duudhaa hawaasaafi kkf. dhaloota haaraadhaan barsiisuuf gahee guddaa qabuu ta’uu hubatama.

Ergaan faaruu tooftaa ittiin bineeldota sodaafi rakkina soorata isaanii ittin keessaa darbamu ofkeessaa qaba  (Baleleng 2016).Kana jechuuns faaruun ergaa ittiin rakkoo jalaa miliqan qaba jechuudha.Yaaduma kana kan deeggaru KGOBE (1994) yoo ibsu faaruun Afrikaa ergaa kallattii amantaa, duudhaa, ilaalcha, aadaa, safuu, haala jiruufi jireenyaa ittiin hubatamu ofkeessaa akka qabu addeessa.Akka waliigalaatti faaruun ergaan gama tooftaa,amantaa,siyaasa,haala jiruufi jireenyaa,seenaa, beekumsa, aadaa, duudhaa, ilaalcha, falaasamaafi kkf. ofkeessaa akka qabu hubatama.

## 2.6  Gosoota Faaruu

Yoomessa isaa irratti hundaa’uun faaruun iddoowwan gara garaatti qoodamuu danda’a.Akka

Misgaanuun (2011), Wubaayyoo (2019) fi Seenessaa (2020) addeessanitti gosoonni faaruu jiran faaruu fardaa, faaruu abbaa, warroomii, asmaarii, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu mararoo, faaruu ateetee, faaruu gootaa, faaruu Dachee, faaruu Waaqaa,faaruu hoofcoo,faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immanii,faaruu oogdiifi faaruu looniitti akka qoodamu huatama.Kanaafuu faaruun kuni yoomeessa keessatti dhimma itti bahamu bu’uura godhachuun yoo ilaallame gosoota hedduu kan qabu ta’uu hubachuun nidanda’ama.

Gama biraatiinis faaruun kaayyoo dhimma itti bahamuun qoqqoodamuu danda'a.Dirribii (2012:81) kallattii waaqeffannaatiin yoo ibsu faaruun galateeffannaa oolmaa waaqni dhala namaatiifi looniif ooleedha.Kana jechuun faaruun gosoota akka faaruu ateetee,waaqa,Dacheefi loonii akka ofkeessatti mirkaneessa.Gosoota faaruu kanaa olitti tarreeffaman keessaa qorannoon kunis faaruu loonii xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf maalummaa isaa akka itti aanutti hubachuun nidanda'ama.

## 2.7 Faaruu loonii

**F**aaruun loonii afwalaloo uummanni Oromoo oolmaafii marartee laooniif qaban ibsuudhaaf kan dhimma itti bahuudha.Akka Bayyanaa (2016) addeessutti loon qonna aadaa keessatti tajaajila olaanaa waan kennaniifi bu'aa guddaadhaaf waan oolanaiif Sabni Oromoo kabajaafi jaalala looniif qaban ibsuu cinaatti hojii kalaqaa, hawaasummaa, jaalala, siyaasafi kkf. ibsuuf faaruu loonitti dhimma bahau.Yaada kana irraa wanti hubatamu dhalli namaa bu'aafi tajaajila loon irraa argatu irraa ka'e faaruu loonitti dhimma bahuun jaalala, kabaja looniif qaban akkasumas: seenaa, duudhaa, falaasamaafi kkf. ibsachuuf faaruu loonitti dhimma akka bahan hubachuun nidanda'ama.

Gama biraatinis faaruun loonii jireenyi saba tokkoo gama diinagdeetiin maal akka fakkaatu ibsuun alatti dhimma siyaasaafi bowaarsisuu keessattillee gahee akka qabu hubatama (Misgaanuu 2011).Kanaafuu Faaruun loonii tokkummaa,walitti dhufeenya,hacuuccaafi cunqursaa saba tokko keessa jiru ibsuuf akka dhimma itti bahamu hubachuun nidanda'ama. Yaaduma kana kan dhugoomsu Nagaariin (1993) akka addeessutti faaruun loonii ogbarruu hin barreeffamin yookan afoola dhugaa jireenya hawaasa Oromoo miidhagsee ibsuuf kan gargaaruudha.Kanaafuu afwalaloon faaruu miira laphee namaa keessee jiru dhangalaasee baasuun madda gammachuu ta'uun alatti aadaa, safuu, diinagee, haala jireeny hawaasummaa seenaa, falaasama, duudhaasiyaasa hawaasa tokkoo ibsuu akka fayyadu hubachuun nidanda‘ama.

## 2.8 Faaruu Loonii Bifa Gara Garaa

Faaruun Salaalee bifa gara garaatiin dhiyaata.Akka Dibabaa (2015) addeessutti faaruun kuni yoomessa gara garaa keessatti tajaajila gara garaatiif kan oolu ta'ee akka hawaasa godiinichaatti bifa diichisaa,geerrarsa,naanaa,sirba asmaarii,jeekkarsa,weedduufi faarsaatiin dhimma itti bahama.

Faaruun loonii bifa gara garaatiin dhiyaatu  kunis harki caalu yoomessa walfakkaatu keessatti dhimma itti bahamu.Muraasni isaanii immoo yoomessa adda ta’e keessatti hurruubamu.Bifa dhiichisaa, geerrarsaa,naanaa, weedduufi sirba asmaaritiin guyyaa sirna hawasummaa gara garaarrattiifi daboo hojii qonnaarratti dhimma itti bahama Seenessaa (2020fi Mulu 2017).Bifa jeekkarsaatiin immoo mana nama wadaajaa bulfatuutti loon faarsaa Waaqa uumaa kan galateeffatan yoo ta’u, akkaataa faarsaatiin garuu loon midhaan sirbuu irratti dhimma itti bahama (Tasfaayee 2018fi Bayyanaa 2016). Walumaa galatti faaruun loonii bifa dhiichiisaa, geerrarsa, naanaa, sirba asmaariifi weedduu yoomessa walfakkaatu keessatti kan dhiyaatu yoo ta’u, bifa jeekkarsaafi faarsaatiin garuu dhimma adda ta’e keessatti kan dhiyaatu ta’uu hubatama.

## 2.9 Maalummaa Bakkeewwanii (landascape)

Jechi bakkeewwaan jedhu galumsa qorannoo kanaa keessatti hiikkaa mataa isaa qaba.Akka Jackson (1986:67) ibsutti bakkeewwan yookaan idoowwan (land scape) jechuun tuuta erbewewwan lafaa uumamaafi qonna bifa garagaraatiin toora galuun dachee uffisanii jiraatanii dha. Kana jechuunis bakkeewwan erbee Lafaa gaarreniin,bosna, lageen, sulullanaan, biyyee, margaa, kattaaleefi haroowwanfi ijaarsa gara garaatiin qabamee jiruudha. Kanaafuu, bakeewwan (landscape) tuuta gosoota irra lafaa kanneen akka araddoota, daandii,bosona,lafa margaa, laggeeniifi lafa olkaa’oowwan jiidha qabaniin uffisamee ijaan mula’tee jiruu dha.

Bakkeewwan jechi jedhu moggaasa maqaa idoowwaniif kennameedha.Akka seenessaa (2020) adeessutti bakkeewwan kuni maqaa ta’iinsa seenaafi haala aadaa noonnoo sanaan wal qabatee moggaafameedha. Kana jechuunis maqaan bakkee yookaan iddoo kanaa mooggaafama maqaa gaarrenii, lageen, sulullan, haroowaniifi kkf, irratti hundaahee moggaafameeha.

## 2.10 Maalummaa Uumamaa

Uumamni qabeenya ilmi namaa dhamaatii tokko malee argteedha.Akka Awuah-nyamekye (2013) ibsutti uumamni naannootti argaman kanneen akka qilleensa, bishaan, ifa, bineeldotaafi biqiloota gara garaa akka ta’e hubatama.Kana malees uumamni wantoota bakkeewwan yookaan Dachee faayamsuuf oolaniidha.Akka de Salviac 2005(:21) ibsutti uumamni dhimma kanaaf oolan kuni kanneen akka lageen, haroowwan, holqa,bosona, tulluuwwanfi kkf. akka ta’e hubatama.

Walumaa galatti uumamni wanta namni qabeenya naannoo keenyatti hojii haraka namaatiin ala Dachee tana irratti argaman kanneen akka qilleensa, bishaan, bineeldotaa,ifa, lageen, haroowwan, holqa, bosona, tulluuwwanfi kkf. ta'uu hubatama

## 2.11 Yaaxxina Qoranniochaa

Qorannoon kuni kan geggeeffame ija afoola bu'uura godhachuudhani. Afoolli Oromoo calaqqee jiruufi jireenya uummata isaati.Akka Maammoo (2016) addeessutti jiruufi jireenyi uummata Oromoo afwalaloo keessatti calaqqisa.Uummanni kuni bakkee Tulluu ,Malkaa ,Odaan jirutti waaqa kadhatu.Qabeenya naannoo isaanitti argamus miidhaa osoo irraan hin gahin seeraafi safuu ittiin dhimmaa bahan qabu. Amantaan isaaniis kan jalqabaa ganamaas (Oromo indigenous religion), Qaalluu, Ayyaana, Irreechaafi kkf.dha (Asafaa 2015).Kanaafuu afwalaloon faaruu loonii aadaa hawaasichaa bu'uura godhachuun yoo qoratame ergaan inni dhalootaaf dabarsu ifatti mul'achuu danda'a jechuun yaxxina kanatti dhimma bahamee jira. .

Lammaffaa yaaxxinni qorannoo kanaaf dhimma itti bahae xinqeeyyaa (ecology)dha.Sababni isaatis afwalaloon Oromoo jechoota xinqeeyyaatiin walqabatee kan dhimma itti bahamuudha. yaada kana akka itti aanutti hubachuun nidanda'ama."Oromo folksongs are heavy-laden by ecological archetypes"Dibaba (2020:8).Kana jechuuniis afwalaloon Oromoo maqaa bakkeewwaniifi uumamaa kanneen nakka gaarren, laggeen, mukkaan biqiloota gara garaa, sulula, roobafi kkf.tti dhimma bahuun hurruubama. Jechoonni maqaa bakkeewwaniifi uumaman walqabatanii faaruu kana keessatti dhiyaatan aadaa hawaasa naannoo sanaa waliin hariiroo akkamii akka qaban xiinxaaluuf yaaxxina kanatti dhimma bahamee jira.

## 2.12 Qorannoowwan Aantee

Qorannoon hojii qorannoo keenyaa amanamummaafi haqummaa akka horatu taasisa.Akka Dastaa (2002) addeessutti qorannoon aantee dhimma nuti qorachuuf deemnun walfakkaatu sana irratti hayyoonni gara garaa maal akka jedhan hubachuuf nu gargaara.Kuni immoo hojii qorannoo keenyaa keessatti amanamummaan akka argannu taasisa.

Qorannoo digrii lammaffaa maduree "Qaaccessa Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii, Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti" jedhudha.Qabxiileen qorannoon kun irratti xiyyeeffatees ergaa faaruu loonii yoomessa gara garaa kanneen akka yeroo sa'a elmanii,yeroo too'ee obaasanii, yeroo jabbilee uuruursanii,yeroo loon huruursaniifi yeroo aannan

raasanii bu’uura godhachuun  qaacceffamuun isaa adda isa taasisa,Dabalataaniis qorannoon kuni haala moggaasa maqaan loonii aanicha keessatti qabu ibsuurratti xiyyeeffata.

# BOQONNAA SADI: XIN MALA QORANNOO

Boqonnaan kuni iddoo iddoo itti gosti gorannoo irraawwatamaa, maddaa ragaalee, iddattoofi tooftaa iddateessuu, tooftaa funaansa ragaalee, meeshaa funaansa ragaalee, mala qaaccessa ragaaleefi qindoomina qorannoo duraa duuban itti dhiyaatuudha.

## 3.1 Gosa qorannichaa

Gosti qorannoo kanaa qorannoo dirreeti.Akka Addunyaa (2011)addeessutti yoomessaa keessatti geggeeffamu irratti hundaa'uun,qorannoo mana kitaabaafi qorannoo dirree jedhamee bakka lamatti qoodama.Qorannoon kunis gama kanaan yoo ilaalame,afwalaloo faaruu loonii hawaasni itti fayyadamu hawaasicha keessaa walitti qabuun xiinxaaluu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo dirree jalatti ramadama.

Gama biraatiinis qorannoon akkaataa ragaan ittii funaannamee qaacceffamu irratti hundaa'uun yoo ilaalame lakkoofsawaafi qulqullaawwaatti qoodamuu danda'a. Akka Dastaa (2002) ibsutti qorannoon qulqullaawaa aadaa hawaasaa, xinsammuu, barnoota, siyaasaafi kkf. qorachuuf kan gaggeeffamuudha.Qorannoon kunis aadaa hawaasichaa keessatti ergaan faaruu loonii gama kamiin hubatamuu akka danda'u addeessu irratti xiyyeeffata waan ta'eef, qorannoo qulqullaawaa jalatti ramadama.

## 3.2 Irraawwatamaa

Irraawwatamaan uwwisa hawaasa dhimmi qorannoo tokkoo ilaallatuudha (Addunyaa 2011). Akka Aanaa Dabra Libaanoosiittis jamaan akka waliigalaatti dhimmi faaruu loonii ergaan isaa xiinxalamu kuni ilaallatu jiraattoota aanicha keessatti akka waliigalaatti Afaan Oromoo dubbataniidha.

Akka Bulchaan Aanaa Dabra Libaanoos Obboo Marahaa Xibabuu irraa hubatametti hawaasni Oromoo aanichaa Magaalaa Shararoo ganda 01 dabalattee gandoota 9 keessatti argama.Qorannoon kunis kan ilaallatu jiraattota aanichaa warra Afaan Oromoo dubbatan gandoota kanneen machallaa saldhee, sonee, xaree goorgisii, xummanoo,waakkannee,dirree jibboo, gooroo warxuu, baabbuu idooroofi Magaalaa Shararoo ganda 01 keessa jiraataniidha. Sabababni hawaasa ganddoota kana qofa irratti xiyyeeffadheefis hawaasni aanichaa kanaa ala jiraatan dubbattoota Afaan Amaaraa waan ta'aniif odeeffannoon qabatamaa isaan biraa hin argamu jedhamee waan yaadameef.

## 3.3 Mala

Qorannoon kun bakkewwaniifi uumama afwalaloo faaruu loonii kessatti dhiyaatan bu'uura qodhachuun ergaa faaruu kanaa xiinxaluu irratti xiyyeeffate.Qorannoo jiruufi jireenya hawaasaatiin walqabate tokko geggeessuuf malli mijataa kan ragaan ittiin funaannamu daawwannaa, mariigareefi afgaaffii akka ta'e Dastaa (2002) ni addeessa.Dabalataanis,Singh (2007) akka ibsutti qorannoo tokko keessatti gaaffii akkamitti jedhu kaasuun bal’inaan qorachuun addeessuuf haala mijataa kan ta'e mala qorannoo akkamtaatiin akka ta’e addeessa.

Kanaafuu bakkeewwaniifi uumaama afwalaloo faaruu loonii kana keessatti dhiyaatan bu'uura godhachuun ergaan qabiyyeen isaa maal akka ta'e ifa gochuuf malli qorannoo kanaaf mijataadha jedhee ani itti fayyadame mala akkamtaati.Sababni isaatiis afwalaloon kuni akkamitti akka dhimma itti bahamuufi haala akkamii keessatti akka dhimma itti bahamu mara hubachuun addeessuuf jechootatti fayyadamuun yoo xiinxalameedha.

## 3.4 Saxaxa (ijaarsa)

Hojii qorannoo allakkofsawwa tokko keessatti ragaan jecootaan funaanname hiikkaa itti kennuuf tooftaa jehootafi himaaan addessuutiin filatamaadha.Kafaalaw (2015) akka ibsuttis qorannoon afoola hawaasaa irratti xiyeeffatu mala akkamtaatiin yookaan allakkofsawaan gaggeeffamu saxaxni isaa tooftaa ibsaatiin geggeessuun mijataadh.

Qorannoon saxaxni isaa gaarii ta’e, dhimma geggeessinu sana irratti argannoo haqa qabeessasa biraan akka geenyu kan nu dandeessisuudha.Akka Dastaa (2002) addeessutti saxaxni (ijaarsi) qorannoo bifa akka qorannoo addee,qorannoo firoo,qorannoo dorgomsiistuufi qorannoo addeessaa ofjalatti hammachuu danda’a.Kanaafuu qorannoon kuni faaruu lonii xiinxaaluu irratti waan xiyyeeffateef ragaa argame tooftaa jechootan addeessuu irratti xiyyeeffatee jira.

## 3.5 Madda odeeffannoo

Qorannoo tokko yemmuu geggeeffamu,ragaan gaaffii qabatamee ka’e sanaaf deebii argachuuf maddi odeeffannoo barbaachisaadha.Akka Addunmyaa (2011) ibsutti hojii qorannoo tokko gaggeessuf maddi odeeffannoo barbaachisaadha.Kana jechuunis qorannoon tokko geggeessuuf madda odeeffanoo malee raga argachuun hin danda’amu.

Qorannoon kunis maqaalee bakkeewwaniifi uumama afwalaloo faaruu loonii keessatti dhiyaatan bu’uura godhachuun ergaa isaa xiinxaluudha.Maddi odeeffannoo akka ragaa tokkoffaatti hirmaatan maanguddootaafi dargaggoota waa’ee faaruu loonii gadi fageenyaan beekan bifa gara garaatiin dhimma itti bahaa jiraniidha.Akka Filee (2019) adeessutti adeemsa qorannoo keessatti madda ragaalee ijoo ta’an lamatu jira.Isaan keessaa tokko madda ragaalee tokkoffaa yoo ta’u innis fuulaa fuulatti argamuun dhala namaa irraa waan fudhatamuuf odeeffannoon argamu gabatamaadha.Haaluma kanaan qorannoon kanaaf madda ragaa tokkoffaatt dhimma bahamee jira.Gama biraatiin immoo ideeffannoo walii galaa waa'ee qorannoo kanaa argachuuf ragaa barreeffamaa Waajjiraalee gara garaa godiinichaa irraa kaasee hanga aanichaatti jiran irraa dokimentoota gara garaa akka madda ragaalee lammaffatti dhimma itti bahamee jira.

## 3.6 Iddattoo

Qorannoon yemmuu gaggeeffamu humna,yeroofi maallaqaa qusachuuf iddattoo filachuun barbaachisaadha (Filee 2019).Iddattoon raga kennitoota qorannoo keenyaaf kanneen jamaa bakka bu’aniidha (Dastaa 2002).Bu’uuruma kanaan namoonni gaaffilee qorannoo kanaa sirriitti nideebisu jedhaman akka armaan gadiitti filatamanii jiru.

Hojiin guddaa qorannoon kanaa ergaa afwalaloo faaruu loonii Aanaa Dabra Libaanos xiinxaaluudha.Aanaan kuni Magaalaa Shararoo ganada 01 dabalatee gandoota Afaan Oromoo dubbatan sagal (9) qabda.Isaanis: sonee,xaree, xummaanoo, waakkennee, machallaa saldhee, gooroo warxuu,baabbuu odooroofi dirree jibboo yoo ta’u, iddattoon kuni akkaaataa gandoota salgan bakka bu'uu danda'aniin namoota dhiiraa 20 dubartoota 2 ida'ama 22 filatamee jira. Saababni lakkoofsi dubartootaa xiqqaateefis, faaruu kanatti baay’inaan dhimma kan itti bahu warra dhiiraa waan ta’eef. Odeeffannoo gahaanis isaanirraa argama jedhamee waan yaadameefi.

## 3.7 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu tooftaa ittiin ragaa kennitoota jamaa keessaa adda baafannu yoo ta’u,innis iddatteessuu carraafi carraa alaati (Filee 2019).Malli iddattoo carraa alaa haala gara garaatiin kan dhimma itti bahamus ta’u,hojii qorannoo kanaaf carraa alaa dabraa dabarsaatti dhimma kan bahameedha.Sababni isaatiis tooftaan kuni namoota waa’ee faaruu loonii sirriitti beeku iyyaafatanii bira gahuuf nama dandeessisa.

Malli iddatteessuu miti carraa alaa kuni namoonni dhimma odeeffanno sanaa irratti hubannoo qaban akka iddattoo keessa galan taassisa (Addunyaa 2011.Ani jamaa iddoo qorannoon kuni itti geggeeffamu keessaa mala miti carraa dabraa dabarsaadhaan maanguddootaafi dargaggoota faaruu loonii irratti hubannoo qaban dhiira 20 dubartii 2 ida'ama 22 ta'an filatamanii jiru.

## 3.8 Malleen Funaansa Ragaalee

Malli funaanasa ragaalee qorannoo kanaaf dhimmi itti bahame Daawwannaa,Mariigareefi Afgaaffiidha.Akka Addunyaa (2011) addeessutti qorannoo mala akkamtaa geggeessuuf meshaaleen funaansa ragaalee daawwannaa,mariigareefi afgaaffiitti dhimma bahama.

### 3.8.1. Afgaaffii Banaa

Gaaffii banana keessatti namni odeeffannoo kennuu barbaade yaada isaa sirriitti bal'isee kennuu danda'a (Filee 2019).Kana malees,malli funaansa ragaalee afgaaffii afaaniin dubbatamu caalaa sochii namoota odeeffannoo kennanii irraa odeeffannoo dabalataa argachuuf kan qorataa gargaaru ta'uu hubatama. Punch (1998) yoo ibsu afgaaffiin mala qorannoo akkamtaa ittiin geggeessan keessaa isa tokko akka ta'e addeessa.Dabalataanis Goldstein (1964) akka ibsutti malli funaansa ragaalee afgaaffii beekumsa,ilaalcha,tilmaama, hawwii, akkaataa hojii, haala jireenya nama odeeffannoo kennuufi kkf. qorataan akka hubannoo argatu gargaaruu danda'a.Kana irraan kan ka'e malli afgaaffii kuni hojii qorannoo kanaaf dhimma itti bahuun danda'amaeera.

Kanuma irraa ka'uun  hawaasa Oromoo gandoota daangaa qorannichaa  keessaatti argaman ganda xummanoo,waakkannee,gooroo warxuu, machallaa saldhee,waakkennee,dirree jibboo, xaree, magaalaa Shararoo ganda 01 hirmaachisuun kophaa kophaatti bifa waliin dubbiitiin guyyaa gara garaa odeeffannoon irraa fudhatamee jira.

### 3.8.2 Mariigaree

Mariin garee toofataa namoonni walyaadichiisanii dhimma tokko irratti odeeffannoo kennaniidha.Akkuma Neuman (2007) ibsutti yaada namni tokko beekuu:inni biraa beekuu dhiisuu danda'a.yaada namni tokko dagate namni biraa yaadatee ibsuu akka danda'a.Kanaafuu namoota waa'ee faaruu loonii kana irratti hubannoo qaban gaaffilee qorannoo kanaaf dhiyaate irratti wal yaadachiisanii odeeffannoo akka kennan taasifamee jira.

Odeeffannoon marsaan duraa ganda soneetti jiraattota gandichaa keessatti namoota dhiira (3) waliin gaafa 1/13/2012 marii gareetiin odeeffannoon akka kennamu taasifamee jira. Marsaan lammataa immoo ganda xareetti  namoota dhiiraa afur (4) waliin gaafa guyyaa 10/08/2013 gaaffilee ragaa qorannoo geggeessuuf qopheeffadhe irratti odeeffannoo barbaachisaa ta'e qabadheen jira.Sabani lakkofsi dubartootaa xiqaateef, afwalaloo faaruu loonii kana hawwasaa aanichaa keessatti irra caalmaan kan faarsu warra dhiiraa waan ta'eefi odeeffannoo quubsaa warra dhiirra kana irraa argama jedhamee waan yaadameef.

### 3.8.3 Daawwannaa

Meeshaalee funaansa ragaalee keessa daawwannaan qorannoo aadaa hawaasa tokkoo geggeessuuf itti fayyadamuun bu’aa guddaa qaba (Filee 2019). Maqaaleen bakkeewwaniifi uumama afwalaloo faaruu faaruu loonii keessatti argaman aadaa hawaasa Oromoo aanichaatiin walitti hidhiinsa qaba. Kana irraa ka'uunis ergaa faaruu loonii Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaaluun walqabatee qabxiilee daawwannaaf mijatoo ta'an 5 qopheessuun mala kana dhimma itti baheen jira.

Malli kuni gaaffii qorataan qopheeffatten alas odeeffannoo dabalataa akka argatuuf karaa saaqa. Akka Geetaachoo (2013) Yaalew (2011) wabeeffachuun ibsutti qorataan af-gaaffiin alas daawwannaadhaan odeeffannoo sassaabbachuu barbaadeen alattis raga gaaffii qorannoo isaatiin walqabate akka hubatu dandeessisa. Kunis qorataan odeeffannoo sassaabuuf namoota ykn naannoo qoratu sanatti waan raawwatamu ija isaatiin daawwachaa wanta dura hubacuuf karoorseen alatti odeeffannoo dabalataa  argachuu danda’a.

Haaluma kanaan marsaa tokkoffaa Amajii 22/2013 ganda gooroo warxuu irratti faaruu loonii kana bifa dhiichisaatiin sirna gaa'elaa iraatti yeroo dhimma itti bahamuu daawwannaa geggeesseen jira.Akkasumas,marsaa lammaffaa gaafa guyyaa 4/07/2013 ganda baabbuu idooroo irratti iddoo midhaan siribamutti loon yemmuu faarsan daawwachuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu mara walitti qabadheera.

## 3.9 Mala Xiinxala Ragaalee

Qorannoo afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa irratti xiyeeffate odeeffannoo funaanname mala jechootaan addeessutiin qaaccessuun mijataadha (Kafaalaw 2015)fi (Filee 2019).Kana jechuunis odeeffannoo jechaan funaanname seenaa,aadaafi duudhaa hawaasichaatiin walqabatee hiikkaan

maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruu loonii keessatti dhiyaatanii maal jechuu akka ta'e hiikkaan itti kennun ergaa faaruu kanaa xiinxaluun barbaachisaadha.

Afwalaloo faaruu loonii kanas malleen funaansa ragaalee daawwannaa,afgaaffiifi mariigareetti dhimma bahamuun funaannaman maqaalee bakkeewwaniifi uumama afeewwan kana keessatti dhiyaataniin hiikkaa itti kennuun ragaalee argames tooftaa akkamtaatiin ergaan faaruu kanaa boqonnaa afraffaa jalattii xiinxaalamee jira.

## 3.10 Qindaa'ina

Hojiin qorannoo tokkoo fudhatama argachuuf ulaagaa ittiin madaalamu qaba.Dastaa (2002) yoo addeessu,qorannoon mala saayinsaawaadha kan jechisiisu keessaa tokko adeemsafi tartiiba qindaa'aa hordofuudhaan hojjetamuu isaati.Qorannoon kun mata duree xiinxala ergaa faaruu loonii Aanaa Dabra Libaanoos jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, gabaasni isaa boqonnaa shanitti qoodamee kan qophaa'eedha.

Boqonnaan tokko seensa qorannichaa qabxiilee hammataman seenduubee,ka'umsa qorannichaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa tartiibaan kan dhiyaateedha. Boqonnaa lama keessatti immoo barruulee mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakatta'amuun raawwin isaa dhiyaateera. Boqonnaan sadaaffaanis xin mala qorannoo, filannoo iddattoo qorannichaa, maloota funaansa ragaaleefi meeshaalee funaansa ragaalee kan keessatti argameedha. Boqonnaa afur keessatti afwalaloo faaruu loonii kana maqaa bakkeewwaniifi uumama jalatti adda baasuun hiikkaan itti kennamuun ergaan afeewwan kun qabu xiinxalamee jira.Boqonnaan shan argannoofi yaboo ofkeessaa qaba.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Kutaan kuni odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaalee boqonnaa sadi jalatti ibsamaniin madda ragaalee irraa odeeffannoowwan daawwannaadhaan,mariigareefi afgaaffiidhaan funaannaman walitti qabuun hiikkaan itti kennamee jira.Akka Dibaba (2015) ibsutti afawalaloon Salaalee gadifageenyaan yoo ilaalan haalla inni ittiin dhiyaatuu keessaa muraasni isaanii bifa dhiichisaa, jeekkara, faarsaadhaan, geerrarsaa, weedduu, sirba asmaarii akka ta'e hubatama.Akka qabatamaa aanichaattis afwalaloon faaruu loonii kunis bifuma kanaan yeroo dhimma itti bahamu waraabamuun akka armaan gadiin qaacceffameera.

## 4.1 Faaruu Loonii Bakkeewwaniin wal Qabate

*Afee (1)*

Looni looni jettuu
Warri looniin kooree
Liqimmee oolfataa
Hora obaafataa.
Sin wayyaa yaaloonii
Yoo dibatan cooni
Yoo muratan fooni.
*(Af-gaaffii: abbaa gadaa Mokkonnen Diinagdeefi Hundee Dooyittoo irraa guyyaa 19/09/2012 argame)*

Maqaan bakkeewwaniin yookaan iddoowwaniin walqabatee afee kana keessatti dhiyaatan sarara 5 jecha Liqimmee jedhu yoo ta’u,iddoon kuni bakkee ulfoo malkaa Hora Liqimmee jedhamu aanicha keessa ganda xummaanootti argamu kan bishaan isaa bonaafi gannatti hin dhumneedha.Iddoo ulfoo kanatti hawaasni Godiina Shawaa Kaabaa bara baraan Waqtii Birraa Onkoloolessa guyyaa 28 bahee itti Irreefffatee Waaqaa uumaa itti galateeffata.Kana irraa kan ka’e iddoon kuni bulchiinsa Aanaa Dabra Libaanosiin daangan isaa seeran kabajamee gama Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanichaatiin akka iddoo ulfootti beekkamtiin kennameefii Hora Liqimmee jedhamee beekama.

Faaruun nama tokkoon bifa geerrarsaatiin loon hundumaa walitti qabaadhaan faarsa. Namoonni kuun immoo gareedhaan ta’uun haa-haa-haa- jechuun loon kuni faarfamuun isaanii sirrii ta’uu

dhugoomsuuf.Faaruun kuni guyyaa kabaja sirna hawaasummaa gara garaafi guyyaa daboo hojii qonnaa irratti dhimma ltti bahama.

Ergaan afee kana irraa hubatamu immoo loon kunuunsuun barbaachisaa akka ta’e baruumsa dabarsuu ofkeessaa qaba.Gama biraatiin nama loon hin qabne qeequu ofkeessaa qaba.Afeen kana jalattis “Warri looniin kooree,Liqimmee oolfataa:hora obaafataa”kan jedhu namni loon hin qabne carraa iddoo kabajaa Liqimmeefi bishaan horaa kuni itti argamu kana gahuu akka hinqabaanne dubbiidhaan tuquu ofkeessa qaba.

*Afee (2)*

Ushururuu ushuru
Ushururu yaa loonii
Beenu Saldhee baanaa
Ardaa jilaat laallaa
Ejersa Bokuu sanaa
Abbaa gadaa faanaa
Gaaddisa ejersaa
Oollee galuu wayyaa.

*(Maddi: Af-gaaffii Obb. Simee Addunyaafi Zawdee Malkaa irraa guyyaa 13/06/13 argame)*

Bakkeewwan afee kana keessatti dhiyaatan sarara 3 jecha Saldhee jedhu iddoo abdaariin warra Bultum Boonaa jedhu itti argamu yoo ta’u,innis iddoo ulfoo ardaa jilaa Ejersa Bokkuu jedhamee waammamuudha.Iddoon ulfoo kunis aanicha keessatti ganda machallaa saldheetti kan argama.Hawaasni toora sanaa bara baraan waqtii Birraa ayyana qaammeefi masqalaa tulluu kana gubbaati korma qaluun Waaqa uumaa kadhatu.Korma qalamu kanas abbaan safuu kan gorra’u nama dhaloota warra abdaarii sanii kan ta’e Obboo Fiqiree Kabbadaati.Iddoon kunis Bilchiinsa Aanaa Dabra Libaanosiin beekkamtiin kennameefii iddoo ulfoo ta’uu isaa galmee Aadaafi Turizimii aanichaarratti galmeeffamee jira.

Faaruun kuni yoomessiifi haalli itti dhimma bahamu Afee 1 walfakkaataadha.Ergaan isaa immoo aduun yookaan hoo’ii garmalee loonitti dhibee ta’uu isaa dhaloota haaradhaaf baruumsa dabarsuu ofkeessaa qaba.Kana malees bo’oo “Beenu Saldhee baanaa, Ardaa jilaat laallaa” Jedhu

nama guyyaa sirna gara garaa nyaataaf dhugaatii sirriit qopoheessu akka ardaa sanaatti kabajun dinqisiifachuu bubatama.

*Afee (3)*

Looni yaa loonishee

Looni yaa loonishee

Warra gaafa gafarsaa

Isintu nanaaf dabarsa.

Tull Xaree roobee

Leeshan daddaraaree

Warra loon hin qabnee

Maatiin maal godhuree.



Suura.1 *(Af-gaaffii Obb. Mul'ataa Maaramii irraa guyyaa 14/08/2013 argame. Suura Salamoon Darribaan kaafame).*

Bakkeewwan afee kana keessatti dhiyaate Sarara 5 Tulluu Xaree kan jedhu bakka ulfoo mukni ejersaa abdaarii warra Mikoo Odaa itti argamu yoo ta'u bakkee ulfoo kanatti kan wallolee ni araarama.Namni dhoksaadhaan namafi qabeenya irraan miidhaa gahe waadaa tuqsiisuun

nisaaxilama.Bakkee ulfoo kanatti guyyaa ayyaana Gannoo bara baraan kormi itti qalamee waaqa uumaa sa'aafi namni akka fayyaa argatu akkasumas bokkaa gaariin akka ruubu waaqa uumaa kadhatu. Abbaan safuu Korma tulluu kana gubbaatti qalamu sanas kan gorra'u jaarsa biyyaa nama dhaloota abbaa abdaarii sanaa ta'e Obboo Mul'ataa Maaramiiti.Gama waajjira Aadaafi Turiizimii aanichaatinis iddoon kuni bakka ardaa jilaa ganda xaree goorgisii jedhamee beeka.

Ergaan isaa immoo bo'oon 3fi 4 "Warra gaafa gafarsaa:isintu nanaaf dabarsa" jedhu loon gaafa isaanitiin diina ofirraa ittisu.Afee kana keessatti loon akka dhaloota haaraatti fudhachuun diina Saba Oromoo miidhu dhaloota haaratu qabsaahee biyyi akka bilisoomtu godha jechuudha.Ergaan kunis gama qabsootiin hubatama.Bo'oo 7fi 8 immoo "Warra loon hin qabnee, Maatiin maal godhuree" Jedhu yoo ilaalle qabeenyi lonii ilma namaa jiraachisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu dhaloonni haaraan kana beekee qabeenya loonii akka horatu baruumsa dabarsuu isaatu hubatam.

## 4.2 Faaruu Loonii Uumamaan walqabate

*Afee (4)*

Saawwanaa yaa saawwana

Saawwanaa yaa loon kanaa

Horrisee

Sigigsee

Xaree bu'ee.

Horrisee

Sigigsee hora bu'e.

*(Madda: Af-gaaffii Obb. Hayilee Tuufoo irraa guyyaa 14/08/2013 argame*)

Uumamni afee kana keessatti dhiyaate sarara 2 jecha loon jedhu yoo ta'u innis horii gaanfaa walitti qabaatti kanneen akka jabbilee,raadden,jiboota,dhaltooleefi sangoolii qonnaa ofkeessatti hammata.Loon akka aadaa hawaasa aanichaatti seera mataa isaanii niqabu.Oromoon loon yeroo bubba'uuf deemanis ta'ee galuuf deeman karaa gubbaatti qaxxaamuree bira hin darbu.Namni umrii kamirra jiruu tikee daa'imnillee yeroo loon kana ooftu dhaabbatanii loon kana tikee kana waliin dabarsu.Qe'ees yoo gahan namni kamiiyyuu jalaa ka'ee nooraa gooftolii keenya jedhanii loon kana simatan.Sabani isaatiis loon malee jiraachuun namati ulfaata. Loonkana kamiyyuu yoo ittiin qotatee nyaatefi qalatee foon isaanii nyaata lakkii ani kan keetii mitii jedhanii nama hin

didan. Duudaa waaqaati. Kanaafuu loon Kabaja guddaa dhala namaa irraa qabu. Namni seera kana cabsee argame mortuu yookaan moraa falfalaa jedhamee hawaasicha keessatti qeeqama.

Umamni biroo afee kana keessatti dhiyaate sarara 7 jecha hora jedhu yoo ta'u,innis bishaan dhamdhamni isaa ashaboo ofkeessaa qabuudha.Akka hawaasa aanichaatti bishaan horaa safuu qaba. Bishaan horaa yeroo moraafi mortuun loonitti,sanyii midhaanitti,sanyii namatti,qa'eefi qabeenya namaatti morte bishan horaa kanaan fashaleessu.Bishaan kana ganamaan ka'anii qodaa lamatti isa tokkotti guutanii isa broo immoo hir'sanii waraabachuun isa hir'uu ta'e sana qa'ee ofii dallaadhan alatti isa qodaa guutuudhaan waraabame sana immoo qa'ee mana keessatti facaasu.Kuni kaayyoo mortuun dhala namaa irratti raawwachuuf deemtu sana fashaleessuu agarsiisa.Kana malees yeroo namni nama jalaa du'e bishaan horaa kana biyyee tuqaadhaan bulbulanii qa'ee keessa facaasu. Kunis duutii hin deebi'in.Kan hafe fayyaa nuuf godhi jechuun waaqatti dhaamuu akeeka.

Faaruun kuni sirna waaqeffanna wadaaja irratti kan dhimma itti bahamu yoo ta'u, nama dandeettii jeekkaruu qabuun baafama.Jamaan sirna wadaajaa irratti argamu immoo gareedhaan jalaa qabu.Ergaan faaruu kanaa loon wal horanii yaa baay'atani,Malkaa obaa isa guddaa ta'e yaadhugan jechuudha.Kuni immoo loon akka horan hawwii dhaamuu ofkeessaa qabaachuu hubatama.

Afee (5)

Jabbillotatoo
yaa jabbiloota Odaa jalaa
Me isinuu wal hin nyaaatina
Kan nama nyaatau dhufee jira.

(*Madda: Afgaaffii Obb. Darribee Baayyuu irraa  guyyaa 1/13/2012 argame).*

1ffaa uumamni afee kana keessatti dhiyaate sarara 1 jecha jabbiloota jedhu yoo ta'u, isaanis loon warra dhalatanii guddachaa jiran jechuudha.Akka aadaa hawaasichaatti jabbiloonni safuu qabdi.Dhalatanii hanga guyyaa sadiitti aannan isaanii silga jalaa hin elmamu.Guyyaa afraffaatti aannan elmaamee maatiin mana sanii hundi walgahee aannanicha biqilaafi marga aannanicha keessa buusuun jabbin dhalatte yaa guddattu,akka biqila kanaafi marga kanaatti sanyiin haadhaa yaa baay'atu jedhanii jabbii dhalatte kana eebbisu.Kuni immoo sanyiin horii sanii akka fakkaanuuf yaadameeti.

2ffaa uumamni sarara 2 jechi  Odaa jedhu biqiltuu muka guddaa damee babal’aa qabu.Mukti Odaa kuni seera fi safuu waan qabuuf hin muramu.Sababni isaatiis uummanni Oromoo muka kana jalatti yaa’ii geggeessaa waan tureef akka galma abbaa gadaatti fudhatama.

Faruun kuni dhuunfanis ta’ee waljalaa qabuun dhimma itti bahama.Haalli inni keessatti dhimma itti bahamu iddoo hijii qonnaatti,iddoo sirni hawaasummaa gara garaa kabajamutti yoo ta’u,loon warra jabbiloo ta’an faarsuuf dhimma itti bahama.

Uumama kanaan walqabatee ergaan afee kana irraa hubatamu bo’oo 4fi 5 “Me isinuu wal hin nyaaatina:Kan nama nyaatu dhufee jira,” Jedhu uummanni Oromoo tokkummaa keessan cimsachuun bulchiinsa gabrummaa wal taanee ofirraa ittisuuf qabsaahuu qabana jechuudha. Afee (6)

Dura gorraa dura goraa yaa tiksee loonii

Gurroolee aannantu qabee mar’atani.



*Suura:2 (Afgaaffii abbaa gadaa Tsfaayyee Suyyum irraa guyyaa 4/09/2013 argame.Suura Salmoon Darribaan kaafame).*

Sarara 2 jechi aannan jedhu uumama bu’aa loon irraa argamuudha.Aannan akka hawaasa aanichaatti mijuu ta’uuf gargaara. Oromoon waan guutuu ta’e waan jaalatuuf yeroo hunda mijuu

meeshaa itti dhuganitti guutamee dhiyaata. Mijuun kunis yeroo jila baallii walitti kennan, fuudhaafi heeruma,akkasumas, ayyaana adda addaa irratti dhiyaata. Gadaa keessattis mijuun nageenya, araara, quufa, gabbinaafi hormaata argisiisan. Oromoonni nageenyiifi walitti dhufeeny gaariin isaan jidduu akka jiraatuuf mijuun wal unachiisuun waaqa isaa kadhata.Gosa gidduutti dallansuufi walitti bu'iinsi yoo uumame mijuu unachiisuun araara buusu.Oromoon namoota uumamaan ilmoo godhachuu hin dandeenye mijuu facaasuufi unachiisuun akka ilmoo argatu waaqa kadhataaf. Kanaafuu aannan loonii uuummata Oromoo biratti safuu guddaa qaba jechuudha.

Faaruun kuni namni dandeettii faarsuu qabu yoo baase namoonni kuun immoo gareedhaan ta'uun jalaa qabu.Haalli faaruun kuni keessatti dhimmaa itti bahamus iddoo sirni hawaasummaa garaa garaa jirutti yoo ta'u, dhaltiiloo elmaman faarsuuf bifa dhiichisaatiin dhimma itti bahama.Uumama dhadhaa kanaan walqabatee ergaan afee kanaa abbaan sirnaa hawaasummaa kabaju sun samaa waan kuuseef faarsinee samaa loonii fudhannee nyaatna jechuudha.Kuni immoo waliin jireenya hawaasummaa uummata aanaa sanaa agarsiisa.

*Afee (7)*

Hoo yaa gurraa yaa gurraa Salaalee
Aannan kee aannan kee xajjii caalee.

*(Af-gaaffii: abbaa gadaa Obb. Tasfaayee Suyyum irraa guyyaa 4/09/2013 argame)*

Uumamni afee kana keessatti dhiyaate jecha jecha sarara 1 jecha gurraa jedhu yoo ta'u innis akka galuumsa afee kanaatti loon dhaltii aannan elmamaa jiru jchuudha.Akka aadaa hawaasichaatti saanii dhaltiin safuu guddaa qabdi.Akka aadaa Oromoo aanichaatti loon dhaltiin yeroo dhalan aannan isaanii callifamee hin dhugamu.Dhadhaan isaanitis callifamee hin dibatamu.Seera qaba. Guyyaa dhalanii kaasanii hanga guyyaa sadiitti iddoo dheedichaa badhee hin bobba'an.Manatti okaan isaan nyaatan kennamaaf.Aaannan isaanitis callifamee hin dhugamu. Aannan kunis siigla fixachaa waan deemuuf gaafa guyyaa afraffaa elmamee aayeetuu kana keessa magra coqorsa saddeeti biqila waliin keessatti naquun tokkoon tokkoon namootaa irreessa jiidhaa harkatti qabachuun dhalattuu namaa kan sa'aa nuuf urgeessi jedhanii eebbifatu. Haaluma kanaan jabbiin tokko dhalattee  ji'a osoo hin guutiin guyyaa gara garaa qincceefi marqaan hojjetamee eebbi godhamaaf. Dhuma irratti dhadhaan sa'a dhale kanaa mataa irraa abbootii gadaa biratti galchuun abbaan gadaa dhaltii kana eebbisa

Faaruu kanas dhiirri dandeetti dhiichisaa qabu yoo baasu,namoonni biroo gareedhaan ta'uun jalaa qabanii loon faarsu.Halli inni keessatti dhimma itti bahamu immoo sirna hawaasummaa gara garaa irratti dhaltii aannan elmamaa jirtu faarsuuf bifa dhiicisaatiin dhimma itti bahama. Ergaan isaa immoo bo'oo "Aannan kee xajjii caalee " jedhu,aannan loonii barbaachisaa ta'uu dhalootaaf haaraaf baruumsa dabarsuu of keessaa qaba.Kana maleess abbaan manaa sirni hawaasummaa itti kabajamu sun samaan inni namoota waamee nyaachise kan sirriitti nama quubsu ta'uu isaa ibsuu hubatama.

*Afee (8)*

Yaana hee

Yaa bahee

Osoo dhuganii loontu gubbaarran dhugaa

Hin dhugduuree yaa gorba koo.



Suura 2: *(Af-gaaffii Admaasee Kabbadaa irraa guyyaa 12/09/13 argame suura Taarikuu Ajabuun kaafame).*

Uumamni sarara 4 jecha gorba jedhuun walqabatee dhiyaate hiikkan isaa loon hojii qonnaa irratti hin hirmaanneedha.Isaanis seera kan dulloome yoo ta'e kunuunsi godhamee gurgurama. Raaddenii fi gu'eessa rimaa qaban yoo ta'an jiboota irraa adda bahuun kophaatti kunuunfamu.

Faaruun kuni nama tokkichaan yoo baasamu, namoonni kuun gareedhaan ta'uun jalaa qabanii loon faarsu.Haalli inni keessatti dhimma itti bahamu immoo sirna hawaasummaa gara garaa mana keessatti bifa naanaatiin dhimma itti bahama.

Ergaan afee kanaa bo'oon 4 "Hin dhugduuree yaa gorba koo" jedhu gorbi loon yoo ta'u galuumsa kana keessatti namoota loon faarsaan jiran bakka buusuun dhugaatii abbaan sirnichaa qopheesse taphachaa yaa dhugnu jechuudha.Kuni icciitiidhaan ergaa dabarfachuu ofkeessaa qaba.

*Afee (9)*

Hoo koorsawwanii
Takkatuu shimishimii
wannan siif godhi himi
Wanna naaf gooten hima.

    Gugurraa kottee kaarraa
    Karra urii bobba'ii
    Nagahaan oolii galii.

Gurroolee gurraa muudee
Kan siqabu kooree
Kan sidhabe boohee
Sidhabanii bohuu mannaa
Siqabaatanii kooruu wayyaa.




*Suura 3*: (*Marii Garee Obb. Taammiruu Gaarii, Obb, Lammaa Gammachuu, Obb.Bokee Lammaafi Darribaa Warqii waliin Guyyaa 10/06/13 taasifame irraa,argame. Suura Taarkuu Ajabuun kaafame)*

Uumamni afee kana keessattu dhiyaatan sarara 1 koorsawwanfi sarara 5 gugurraa kottee kaarraaafi sarara 8 Gurroolee gurraa muudee jedhu hiikkaan isaa qotiilee qonnaa bakka bu’a.Sangooliin qonnaa kuni aadaa hawaasichaa biraatti safuu qabu.Innis yeroo namni garmalee dhukkubsate waanjoo baachisanii waaqa uumaa kadhatu. Qotiioleen kunis duudaa waaqaa waan ta’aniif cubbuu hojjechuu hin beekan. Maqaa loonitiin waaqatti yoo boohan dhiifama namaa godhee fayyummaa ofiitti deebi’ama jedhamee yaadama. Gama biraatiin immoo qotileen qonnaa waanjoo baattee waan ittiin qotamee beela nama baasuuf.Midhaan ittiin oomishamerraa mataan dhangalaasii warra ayyaanatti galfamee maaddiin irraa waan qophaa’uuf oolmaa guddaa ilma nama irraa qaba. Kanaafuu qotiyyoon qonnaa waanjoo keessaa bahee hin qalamu.Rakkatanii yoo gurguramullee qarshiin itti gurguramu sun mataan isaa abbootii amantaatiif kannama.Kuni immoo qotiyyoo qonnaa waanjoo keessaa gurgurame kana waaqayyo nama sana harka isa jiisee akka bakka buufatu abbaan amantaa kuni waaqa qadhataaf.

Faaruun kun nama tokkicha loon kana midhaan irra oofuun bifa faarsaatiin oogdii keessatti dhimma itti bahama.Namni biroo jalaa hinqabu.Uumama sangoota qonnaa kanaan walqabatee ergaan afeewwan kanaa:

Keeyyata 1ffaa bo’oo 3fi 4 “wannan siif godhe himi:wanna naaf gooten himaa” Jedhu gama oolmaa ibsuutiin hubatama.Keeyyata 2ffaa bo’oo 6fi 7 “Karra urii bobba’ii:Nagahaan oolii galii:

jdhu loon eebbisuun gama duudhaa hawaasichaa kan hubatamuudha.Keeyyata 3ffaa bo'oo 11fi 12 "Sidhabanii bohuu manna:Siqabaatanii kooruu wayyaa" jedhu sangootni qonnaa qabeenya gudaan ta'uu isaanii baruumsa dabarsuu hubatama.Kana malees;nama biyyaa bulchuu danda'u qabaachuun akka nama boonsu gama siyaasaatiin hubatama.

*Afee (10)*
Si wayya yaa daalee
Si wayya yaa daalee
Osoon daalee ta'ee
Maanyaa malee hin oomishuu.
*(Maddi:Af-gaafii Baqqalaa Taklaa irraa guyyaa 16/09/13 argame.)*

Uumamni afee kana keessatti dhiyaate sarara 5 jechi maanyaa jedhu gosa midhaanii xaafii bakka bu'a.Faaruun kuni sirna hawaasummaa gara garaarratifi guyyaa daboo hojii qonnaa namni tokkichi bifa geerrasaatiin yoo baase namoonni kuun immoo haa-haa-haa-!Jechuudhaan qotiilee qonnaa kana faarsu..

Ergaan qabiyyee afee kanaa immoo icciitiidhaan gorsa kennuu ofkeessaa qaba.Nama gorsuu barbaadaan sna sangaa qonnaatti maxxansuun sirriitti akka calla gaarii oomishatu jajjabeessuu hubatama.

*Afee (11)*

Looni yaa loonishee

Qeensi shinii ta'aa kan bunaan dhuganii

Gaafti fal'aan ta'aa kan marqaan nyaatanii

Gogaan itillee ta'aa kan irraatti mugani

Itilleen natii ta'aa kan irra irra rafanii.

Looni yaa loonishee

Gateettii tubba gootee

Eegee shurrubbaa gootee

Gooba ilaala gootee

Maala bullukkoo gootee.

*(Madda:Marii Garee Obb. Taammiruu Gaarii, Obb. Lammaa Gammachuu,Obb.Bokee Lammaafi Darribaa Warqii irraa Guyyaa 10/06/13 argame.)*

Uumamni qaama loonitiin walqabatee afee kana keessatti dhiyaate sarara 4 gogaa,sarara 7 gateettifi sarara 8 eegee jedhu qaama loonii uumamaan badhaafamaniidha.Akka aadaa Oromoo aanichaatti tokkoon tokkoon qaama loonii kuni safuu mataa isaa ni qaba. Korma abbaan gadaa qale gogaan isaa mummuramee dhimma gara garaatiif oola.Innis raaddi dhaluu diddee yoo maseente mormati yoo hidhan ni dhalti.Sani dhalee yoo jabbii jibbee elmamuu dide ittiin yoo gaadi’an jabbii ishee jaallattee ni elmamti. Mirgoofi qotiyyoon qotuu yoo didee mataatti yookaan mormatti yoo hidhan naalee niqota. Kana malee gogaa meeshaa aadaa itillee jedhamutu irraa hojjetama.Itillee kunis seera mataa isaa qaba.Ilmatu irratti dhalata.Abbaa gadaa ta’uu danda’a.Intalatu irratti dhalata haadha siiqqee ta’uu dandeessi.Kana malee gogaa loonii meeshaa ulfoo caaccuu tolchuuf oola.Inni sirna gadaa keessatti dubartiin kan hidhattuu dha. Caaccuun kunis dubartootni Oromoo hidhatanii araara,nagaa,fayyaafi hormaata waaqa kadhatu.Kanaafuu gogaan loonii akka aadaa hawaasichaatti safuu guddaa qaba.

Jibichi tokko camadamee gateettiin isaa faaqame ulaagaa korma gabbaraa guutee tulluutii, warra qaalluuttiifi malkaatti hin qalamu.Sababni isaas midhaan isaan ittiin qotamu sun akka dhangalaasitti galchaa ta’uun maaddii waaqaa ta’a. Foon isaa san nyaachuun hirmii akka ta’etti yaadama.Kanaafuu gateettiin loonii ulaagaa jibichi tokko seera gabbaraa ittiin madaalamu waan ta’eef safuu qaba jechuudha.

Eegeen loonii meeshaan ulfoo faachoo abbaan gadaa qabatutu irraa hojjetama. Kormi warri qaalluun, abbaan gadaa qalau eegee hin qabu yoo ta’e iddoo kanatti gama waaqatiin fudhatama hin argatu. Kana jechuuns gabbarri waaqaa kennammu tokko hir’uu yoo ta’e, waaqayyoon dhalattuu namaa, kan sanyiifi kan sa’aa keessaa nama jalaa hir’isa jedhamee waan yaadamuuf.

Faaruun kuni dhiira tokko kan sangoota midhaan irra oofuu qofaan hurruubama. Haalli dhimma itti bahamus oogdii keessatti yeroo midhaan siribamu bifa faarsatiin ta’a.

Ergaan afeewwan kanaa keeyyata 1ffaa qaamni loonii hundinuu faayidaa akka qabu dhaloota haaradhaaf baruumsa dabasuu hubatama.Keeyyata 2ffaa haalli uumama qaama loonii kan nama dinqisiisu ta’uu hubatama.

*Afee (12)*

Loon yaa loonihee
Aannan mijuu ta’aa kan ittiin unanii
Dhadhaan muudaa ta’aa kan sammuun jiisanii

Faltiin qoraan ta'a kanittiin bilcheessanii.

*(Madda:Af-gaaffii Obb. Girmaa Zallaqaa irraa guyyaa 10/10/13 argame).*

Bu'aa loonitiin walaqabatee uumamni dhiyaate jecha dhadhaafi faltii jedhuudha.Akka aadaa hawaasichaatti dhadhaan seera qaba. Innis bu'aa loonii yemmuu aannan raasan areera keessaa bahuudha. Dhadhaan gadaa keessatti eebba, jiidha, nageenya, qabbana, hormaataafi kanneen kana fakkaatan agarsiisa.Dhadhaan muudaa jila adda addaa geggeessuu keessatti barbaachisaadha.Yeroo kabaja ayyaana ateetee dubartii deessu eebbisuuf muudaa dhadhaatti gargaaramu. Qaallu dhadhaa muuduun eebba raawwata. Akkasumas Oromoon gaa'ela ijoollee isaa irratti dhadhaa mataa dibee eebbisee fuusisa. Kunis dhadhaan jaalala,qabbana qabaachuu isaa gagarsiisa. Akka duudhaa Oromootti dubartiin mataa dhadhaa dhabe mataan addaatte jedhama. Kunis mataan goggoge dhadhaa barbaada jechuudha. Kanaafuu dhadhaan aadaa uummata Oromoo biratti safuu guddaa qaba.

Jechi faltii jedhu dhoqqee loonii kan koboota ta'u.Faltiin loonii safuu qaba.Oromoon yemuu mana ijaaru furda mana keessatti dhaabbata. Furda yookaan utubaa kana yemmuu dhaabbatu iddoo dhoqqee loonii jalatti buusee furda kana dhaabee mana ijaarrata.Sababni dhoqqee loonii utubaa jala godhuufis mana sanaa loon hin dhabamin jechuudha. Iddoo dhoqqeen loonii jiru loon hin haqatan jedhamee yaadama. Kanaafuu iddoo manni itti ijaarame sana hormaanni loonii hin dhabamin jechuudha.

Kana malees guyyaa gaaheelaa haati mucaa fuudhuu galgala dhoqqee loonii qabatee eegdi.Dhoqqee loonii kanas daandii mucayyoon irraa deemtu irraa bubbuusuun misirroon irra deemtee manatti galti. Kunis misirroon sana dhoqqeen horii ishii hin dhabin.Ishiinis dhoqqee horii hin dhabin loon yaa horaniif jechuudha.Faaruun kunis dhiira nama tokko kan sangoota midhaan irra oofun qofaan hurruubama.Haalli faaruun kuni keessatti dhimma itti bahamu oogditti bifa faarsaatiin hurruubama.

Ergaan afee kanaa immoo bu'aan loonii gama aadaatiin gahee guddaa akka dhalootaa haaradhaaf baruumsa dabarsu hubatama.

*Afee (13)*

Birraa galtamoo Sanee galta

yaa guchee saawwan Sulultaa.

Birraas hin galu Sanees hin galu kaloo nutti bitani

Kaloo nutti bitanii boodarra halbeedhaan nufixani.



*Suura 4*: *(Marii garee guyyaa 15/07/13 magaalaa Shararootti Ob/Jiisaa Suyyumfi Add. Faayituu Wadaajoo waliin afgaaffii taasifame,suura Amsaaluu Bokee kaafte.)*

Jechi uumamaan walqabatee afee kana keessatti dhiyaate jecha kaloo jedhu, yoo ta'u, innnis akka aadaa hawaasichaattii kaloon seera mataa isaa qaba. Innis Kaloo jabbilee, masqalaa, qotiileefi kan gorbaa jedhamee beekama. Kaloon jabbilee qa'eetti dhiyoodha. Ijoollee umrii dabballee keessa jirantu irratti tiksa. Kaloo sangooliin qonnaafi dhaltooleen dheedan iddoo margi sirriitti biqilee jiru. Kan gorbi dheedan immoo qe'eerraa fagaatee argama.Sababni isaas guyyaa dheeraa dheedicha irratti waan dabarsaniif.

Faaruun kuni nama tokoon dhimma itti bahama. Namni dandeetti weeddisuu qabu tokko yoo baases namoonni biroo gareedhaan ta'uun jalaa qabanii weeddisuu danada'u. Faruun kuni iddoo gaddi hin jirre kamittuu dhimma itti bahuun ni danda'ama.

Ergaan  afee kanaa immoo bo'oo 5 ''Kaloo nutti bitanii boodarra halbeedhaan nu fixani'' jedhu balaaleffanna sirna garbumaa agarsiisa.

*Afee (14)*

Akka jedhee Garree qotiyyooni

Ana badaatti nadhaanta

Fardaafi harree gorboo itti ijaarta

Ana qoree natti ijaarta.

Nuugi qoteetan gibira baasa

Garbuu qoteetan bara sibaasaa

Maalif qacceedhan nafaaqxa?



*Suura 5 : (Marii Garee Obb. Darribee Baayyuu, Obb. Xibabuu Taaffasaafi Obb.Abrahaam Taaddasaa waliin guyyaa 01/13/12 taasisame, suura Ob, Zargaa Hurrsaatiin kaafame)*

Uumamni afee kana keessatti dhiyaata: Sarara 3 fardaafi harree,4 qoree,5 nuugiifi 7 garbuudha.Harreen safuu qabdi.Yeroo daboo midhaan haamaa oolan affeerrin irbaataa mana nama daboo qopheesseetti nitaasifama.Galgala irbaata kana nyaatanii gara mana ofiitti yoo deebi'an:"Midhaan galchaa quufaa!Harree soqeen keessatti yaa kuftu!" jedhanii maqaa harreetiin eebbisu.Kuni immoo midhaan baay'isaa oomishaa jechuudha.Fardi aadaa hawaasichaa keessatti safuu qaba.yoo namni dhukkubsateefi bara hongeen hamaate luugamanii waaqa kadhatu. Waaqnis maqaa beeylada afaaniin hidubbanne kanaan yoo kadhatan namaaf dhagaha jedhamee yaadama.

Nuugiifi garbuun sanyiiwwan gosa midhaan sanyii gara garaati.Midhaan kunis akka aadaa hawaasichaati garbuun yeroo jimaa qabatanii waaqa uumaa kadhatan, qunnaa irratti biqila garbuu jala naqanii jimaa gubbaarran godhan.Jimaan jiidhaa waan ta’eef,sanyiin namaa akkasitti jiidhee yaalalisu jechuudha.Gama biraatiin garbuunis biqila waan ta’uuf sanyiin namaa akka maseena hin taane dhalatee yaa baay’atu jechuudha.Midhaan sanyii gosa gara graraa kuni safuu qaba.Oogdii callaan keessa jiru kophee keewwatanii hin seenan.Callaan kuni oogdiidhaa gara gumbiitti yoo galfamu,namni qaxxamuree hin darbu. namni callaa kutee dabre nimora jedhamee akka shakkamu hubatamee jira.Kuni immoo midhaaniif kabaja kennan malee sanyiin namaaf hin fakkanu jedhu.

Faaruun kuni sangoota qonnaa qofa faarsuuf dhuunfadhaan hojii qotiisaa keessatti bifa sirba asmaaritiin hurruubama.Uumama afee kana keesatti heerameen walqabatee ergaan afee kanaa loon seeran ala miidhaa irraan gahuun cubbuu akka ta’e gama komii ibsuutiin hubatama.Kana malees bo’oon 5fi 6 “Garbuu qoteetan bara sibaasaa:Maalif qacceedhan nafaaqxa?” jedhu yaada hojjetaan mana qottuu gale icciitiidhaan ibsatu ofkeessaa qaba.Innis oomishee maatii kee beela baasee osoon jiru,maaliif na beelessita jechuudha.

*Afee (15)*

Looni yaa loonishe
Hora si obaasanii
Hora bishaan waakkidhaa
Morma hidhuun akkumaa
Afaan hidhuun yakkumaa.

> Looni yaa loonishee
> Gugurraa saawwa jiillee
> Dirri gubbaan fiile
> Bonni jiillee fagaatee
> Roobni Arfaasn dhiyaate.

*(Madda: Marii Garee Obb. Taammiruu Gaarii, Obb. Lammaa Gammachuu, Obb. Bokee Lammaafi Darribaa Warqii irraa Guyyaa 10/06/13 argame.)*

Uumamni bishaaniin walqabatee dhiyaatan Sarara 3 hora bishaaniifi sarara 10 rooba Afraasaa jedhu yoo ta’u, bishaan kunis bishaan horaafi bishaan roobaa akka ta’e hubatama. Bishaan

horaafi bisaan lagaa akka aadaa Oromoo aanichaatti safuu mataa isaa niqaba. Innis: yeroo warri qaalluu jabanaa dhaabbatan bishaan qodaa guutuuti qopoheeffatanii jabanaa dhaabbatu.Yeroo mana haaratti jalqaba galan bishaan qodaa guuttuutti waraabbatanii galu. Kuni mallatoo jireenyifi hormaatni keenyaa guutuu yaa ta'u jechuu agarsiisa.Kanaafuu aadaa Oromoo aanichaa keessatti bishaan safuu qaba jechuudha.

Faaruun kuni nama dhiira qotiilee midhaan irra oofuun qofaan hurruubama.Haalli inni keessatti raawwatamu immoo oogdii keessatti sangoota qonnaa faarsuuf bifa faarsaatiin hurruubama.

Uumama dhiyaate kanaan walqabatee ergaan afeewwan kunniinii:keeyyata 1ffaa loon irraan miidhaa gahuun cubbuu akka ta'e hubatama.Kana malees qaamni biyya bulchu mana sirreessaa nama galchuun seera ta'ee osoo jiru,mirga dhala namaa sarbuun sirrii akka hintaane gama balaaleffannaatiin hubatama.

Keeyyata 2ffaa uummanni Oromoo qaama gogaa loonii ilaaluun bara hongeen hammaatu fi roobni Arfaasaa jiru tilmaamuu kan danda'an ta'uu hubatama.Kuni immoo uummatichi duri iraa kaasee beekumsa falaasamaa akka qabu hubatama.Kana malees bo'oon 9fi 10 "Bonni jiillee fagaatee:roobni Arfaasn dhiyaate" barri beelaa dabree barri quufaa dhufuuf yeroon dhiyoo akka ta'e addeessa.Kuni immoo bara rakkoo gadi jedhanii dabarsuun barbaachisaa akka ta'e gama obsaatiin hubatama.

*Afee (16)*

Qotiyyoo jijiituu

Gabaree jijiituu

Midhaan nyaatan malee

Bishaan dhugan malee

Aduun naaf hin dhiittuu

Kan dhiite hin bariitu.

*Madda:Af-gaaffii aaddee Axadee irraa guyyaa 22/05/2013 argame.)*

Uumamni dhiyaate jecha aduu jedhu yoo ta'u isheenis akka aadaa Oromoo aanichaatti biiftuu yeroo baatu "Biiftuu boroo barraaqaa" jechuun maqaa dhahanii waaqa kadhatu.Akka daangaa yeroo kan ilmi namaa waan hojjechuu qabufi waan hojjechuu hin qabne adda baaftuudha.Irreessi biiftuu jirtuu dhan haammatu malee dukkana keessa hin haammau.Sababni isaas irreessi marga

horii waan ta’eef horiin marga guyyaa dheeda malee halkan hin dheedu.Kunis horii jalaa dhokatanii dukkaanaan haamuun cubbuu akka ta’etti fudhatama.

Faaruun kuni nama tokkoon bifa sirba asmaaritiin kan dhimma itti bahamu yoo ta’u, guyyaa sirna hawaasummaa gara garaa jiru mana abbaa sirnaa sanatti dhimma itti bahma.

Ergaan afee kanaa loon malee qotanii ofjiraachisuun rakkoo akka ta’e hubatamas.Kana malees gama siyaasatiinis nihubatama.Bo’oo 3,4,5fi 6 irratti namni bishaaniifi midhaan argatu malee hin jiraatan jechuun, nageenyi jiraatee mirgi dhala namaa kabajamu malee jaalala biyyaa horatanii jiraachuun rakkoo akka ta’e hubatama.

*Afee (17)*

Looni yaa loonishee
Abbaa kee kurfaa gootee
Qe’ee isaa warqii goote
Haadha kee giiftii goote
Diinqa ishee ulfoo guutee.

    Looni yaa loonishee
    Looni yaaloonishee
    Hidda lafaa buqqisi
    Dhala namaa guddisi.

Looni yaaloonishee
Takkatuu tumii calleessi
Ija silaalte balleessi
Moraa falfalaa balleessi.
Gurroolee gurraa Mudee
Hamaan kee gurraa duudee
Tolaan kee ija banatee.

*(Madda Obb. Hundee Dooyitoofi Obb. Zawdee Malkaa irraa Guyyaa 10/06/13 argame.)*

Uumamni faaruu kana keessatti dhiyaate jecha sarara 1 abbaa, sarara 4 haadha,sarara 9 dhala namaa, sarara 13 moraa falfalaafi srara 15 hamaa jedhuudha. Isaanis: abbaafi haadha kan jedhu namoota loon horatee jiraatuudha. Namnis akka aadaa hawaasichaatti safuu hedduu qaba. Dhiirri dubartii dura laga hin ce’u. Sababni isaas dubartiin abbaagadaa deessi. Mootii biyyaa deessi.

Haadhaa siiqqee ta’uu dandeessi.Kanaaf dubartiin safuufi kabaja guddaa dhiira biraa qabaachii isaat ibsa. Dhalli namaa uumaama waaqati.Innis yoo beela’ee beela baafama. Yoo dheebote,dheebuu baafama.sababni isaas,beela’aafi dheebotaa bira yoo darban waaqni namatti ilaala jedhamee yaadama.Jechi moraa falfalaafi hamaa jedhu dhala namaa ta’ee kan akka loon wal hin horre dhanqaaraa itti ta’uudha. Yeroo loon bobba’uu galuu deeman dhaabbatee loon karaatti itti dhufe kutee bira darba malee dhaabbatee loon kana hin dabarsu. Kuni kan ta’u akka loon sun wal hin horre danqaaraa itti ta’uu isaati.Akka aadaa hawaasichaatti moraa kana qileetti gadi isa darbatu malee qaceefi alangaadhaan hin rukutani.Kunis qacceen margaan waan fooyamuuf marga horriitti mora. Alangaaniis gogaa loon irraa hojjetama waan ta’eef loonitti mora jedhu.Faaruun kuni nama tokkicha sangoota midhaan irra oofuun dhimma itti bahama.Haalli inni keessatti dhiyaatu immoo oogdiitti yemmuu midhaan siribamu sangootni qonnaa faarfamu.

Ergaan afeewwan kanaa:Keeyyata 1ffaa loon qabaachuun kabaja namaaf kan kennisiisuu akka danda’u hubatama.Kana malees bo’oo 4fi 5 “Haadha kee giiftii goote:diinqa ishee ulfoo guutee” jedhu loon akka lammii biyya tokkootti fudhachuun biyya keessan guddistan jechuu akka ta’e gama galateeffannaafi dinqisiifannaatiin hubatama.

Keeyyata 2ffaa loon dhala namaa nyaataan jiraachisuu keessatti gahee guddaa taphachaa akka turan seenaa dabarsuu isaa hubatama.Keeyyata 3ffaa namni safuu hawaasaa cabsuun loonitti hammeenya yaaduu akka abaaramu hubatama.Innis bo’oo 14,15fi 16 Gurroolee gurraa Mudee “Hamaan kee gurraa duudee:tolaan kee ija banatee” jedhudha.Kana malees namni loonitti cubbuu godhu qabeenya hin horatu.Garuu namni looniif kabaja kennu abbaa qabeenyaa ta’uu akka danda’u dhalootaa beekumsa dabarsuu isaatu hubatama.

## BOQONNAA SHAN: YAADA CUUNFAA, ARGANNOOWWANIIFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun fookilooriin kan wal qabatu ta’ee, gooroowwan isaa keessaa ogafaan jalatti

kan hammatamuudha.Afoolli umrii dheeraa kan qabuufi ummata hunda biratti argamuun aadaa, seenaa, siyaasa, falaasamaafi amantaa dhaloota haaraa dhaalchisuu keessatti iddoo guddaa kan qabuudha.Faaruun looniis dameewwan ogafaanii keessaa afwalaloo jalatti kan ramamadamu ta’ee, gosoota gara garaa ofjalatti hammachuu danda’a.Qorannichis ergaa faaruu loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Haaluma kanaan boqonnaa tokko keessatti hawaasni Oromoo hawaasa aadaa, amantii, seenaafi dhuudhaa mataa ofii kan qabu ta’uu ibsameera. Hawaasni Oromoo aadaa, seenaafi duudhaa isaa afoolan waldhaalchisaa tureera.Afoolli gama unkaatiin yoo ilaalamu bifa hololoofi afwalaloodhaan dhiyaata. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas ergaa afwalaloo faaruu loonii xiinxaluu ta’a.

Qorannoo mataduree kanarratti akkan gaggeessu kan na kakaases, afwalaloon kuni xiyyeeffannoo dhabuu irraan kan ka’e dhaloota ammaa birratti dagatamaa dhufuu isaati. Barbaachisummaan qorannoo kanaatiis hawaasni aanichaa afwalaloo kana aadaa, seenaafi duudhaa ittiin tifkatee dhaloota haaradhaaf akka dabarsu nigargaara. Kana malees namoota mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabu geggeessuu barbaadaniif akka madda ragaatti nitajaajila.Mata dureen qorannoo kanaas Aanaa Dabra Libaanoos irraatti kan daangeffamedha. Boqonnaa lammaffaa keessatti yaadoleen gara garaa fookilooriifi afwalaloon walqabate kaasuun yaada hayyootaa deeggaramuun addeeffamanii jiru. Dameewwan fookiloorii afoola, meeshaalee aadaa, aartii sochii qaama hawaasaafi duudhaa hawaasaa akka ta’e addeeffamee jira. Afoola bifa afwalalootiin dhiyaatan irratti yaada hayyoonni kennan bu’uura godhachuun akkasumas barruuleewwan qorannoo kana waajjin walitti hidhata qaban sakatta’amuun ibsi bal’aan itti kennamee jira.

Boqonnaa sadaffaa keessatti qorannoo kun afoola hawaasaa keessa jiru qorachuun ifa baasuu waan ta’eef mala qorannoo akkamtaa jalatti kan hammatamu akka ta’e addeeffameera. Akkasumas odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaa irraa argaman funaanuuf tooftaa iddatteessuu kaayyoo irratti hundaaheen carraan alaa

darbaa dabarsaa kan gargaarrame ta’u ibsamee jira. Tooftaalee ragaa kennitootata irraa odeeffannoon barbaadamu funaaname tooftaalee funaansa ragaa jiran keessaa daawwannaa, marii gareefi afgaaffiitti dhimma kan bahame ta’uu addeeffamee jira. Odeeffannoowwan bifa daawwannaa, mariigareefi afgaaffiin argaman viidiyoo, kaameeraafi yaadannoo gabaabaa qabachuun kan funaannaman ta’uu heeramee jira.

Boqonnaa afraffaa keessatti ragaaleen bifa daawwannaa,mariigareefi afgaaffitiin funaannaman bifa addeessuutiin qaacceffamaniiru.Qaaccessa ragaalee kanaa keessatis afwalaloon faaruun loonii dhimma itti bahamus bifa dhiichisaa, faarsaa. geerrarsaa, jeekkarsaa, weedduu, faarsaatiinfi bifa sirba asmaariitiin akka ta'e addeeffamee jira.Yaaduma kana kan dhugoomsu Bayyanaa (2016) Finnegan (1977) wabeeffachuun yoo ibsu faayidaan afwalaloon walkeessa akka jiruufi walmakaa akka ta’e ibsa.

Faaruu kana keessattis maqaan bakkeewwaniin walqabatee dhiyaatan:Liqimmee iddoo malkaan Horri Liqimmee jedhamu aanicha keessa ganda xummaanootti hawaasni Godiina Shawaa Kaabaa bara baraan Waqtii Birraa Onkoloolessa guyyaa 28 bahee itti irreefffatee waaqaa uumaa itti galateeffata.Kana malees bakkeen ulfoo kuni iddoo warri Cabsaa ulmaa itti bahuudha.Tulluu Saldhee iddoo ardaa jilaa Abdaarii warra Bultum Boonaa mukti ejersa bokkuu itti argamuudha.Iddoon ulfoo kunis aanicha keessatti ganda machallaa saldheetti kan argamu yoo ta’u, hawaasni toora sanaa bara baraan waqtii Birraa ayyaana qaammeefi masqalaa tulluu kana gubbaati korma qaluun waaqa uumaa kadhatu.Tulluu Xaree bakkee aanicha keessatti ganda xaree goorgisii iddoo addaa gaara xaree jedhamutti kan argamuudha.Iddoon kuni bakka waadaa jedhama.Namni wal lole jalatti araarama.Namni dhoksaadhaan namaafi qabeenya irraan miidhaa ghahe, iddoo kanatti kakuudhaan saaxilama.Bakkeewwan sadan kunneen iddoowwan ulfoo sirni waaqeffannaa itti geggeeffamu ta’uu hubatamee jira.Lagni Xaree iddoo guyyuu kan loon baay’ina qaban geeffanmanii bishaan obaafamaniidha.

Maqaan uumamni walqabatanii dhiyaatan, Jabbilootni loon gara jibichaafi raaddenetti guddachaa jirani.Isaanis safuu qabu.Dhalatanii hanga guyyaa sadiitti aannan isaanii silgi jalaa hin elmamu. Akka guddattnis nieebbifamu.Dhaltooleen loon dhalanii aannan elmamaa jiraniidha.Ayeetuun isaanii eebbifamu malee hidhugamu.Gorbi loon gu’eessa, raaddenfi jiboota ofjalatti hammata.Safuu isaan qabanis gu’eessa dulloome kunuunsi godhamee gurgurama.Sangootni loon qonnaaf tajaajilani.yeroo namni garmalee dhukkubsate waanjoo baachisanii waaqa uumaa

kadhatu.Harreefi faradi kotte duudaa mana keessa nama waliin jiuratani.Harreefi fardi safuu qabu.Guyyaa hojii daboo qonnaa “Midhaan galchaa dadhabaa:harreen soqee keessatti yaa kuftu” jedhanii ittiin eebbisu.Fardis luugamanii malkaafi tulluutti waaqa kadhatu.

Gogaafi eegeen qaama loonii meeshaalee ulfoo abbaan gadaafi haati siiqqee qabattu akka irraa tolfamu hubatamee jira.Gateettiin isaanii waanjoo batee maaddii waaqaa waan ittiin oomishuuf foon isaa warra qaalluutiin hin nyaatamu.

Dhadhaan,faltiifi aannaan bu’aan loon irraa argamuudha.Dhadhaan muudaa ta’uun eebba keessatti gahee guddaa qaba.Faltiin immoo utubaa yemmuu dhaabbatan jala godhuun mana ijaarratan.Kuni loon  mana sana keessaa hin dhabamin jechuu akka ta’e hubatamee jira.Aannan akka mijuutti meeshaa itti dhugamutti guutamee yeroo fuudhaafi heeruma,akkasumas ayyana adda addaa irratti dhiyaata.Maqaan bu’aan loonii faaruu kana keessatti dhimma kan itti bahamu ta’uu hubatamee jira.

Odaafi qoreen gosa biqilootaati.Odaan muka guddaa damee bal’aa Oromoon yaa’ii jalatti geggeessaa waan turaniif akka galma abbaa gadaatti fudhatama.Qoreen muka dallaan ijaaraniifi abdaarii ta’uudha.

Nuugi,maanyaafi garbuun gosa midhaaniiti.Madaan kunis safuu qaba.yeroo callaan oogdidhaa gara gumbiitti galfamuu,namni kutee hin darbu.Namni seera kana cabse nimora jedhamee shakkama.Loon garuu duudaa waaqaa waan ta’aniif yoo callaa kana kutanii deeman rakkoo hin qabu.

Bishaan horaafi bishaan lagaa qabeenya uumamaa naannootti argamuudha.Duudhaa hawaasaa keessatti gahee qabu.Bishaan horaa qe’ee mortuun itti morteefi namni du’e haxaaruuf dhimma itti baha.Bishaan lagaa immoo yeroo jabanaa dhaabbataniifi yeroo mana haaraatti galan qodaatti guutamee mana kanatti galama.Kuni immoo Waaqayyoon sanyii namaa, kana sa’aafi kan midhaanii guutuu yaa gudhu jedhamee akka yaadamu hubatamee jira.

Biiftuun aduu halkaniifi guyyaa adda baaftuudha.Akka aadaa hawaasichaatti ganama ni salaamsatu.

Faaruun loonii kunis kan namni tokkichi dhuufaadhaan dhimma itti bahamuufi namni tokkichi yoo baasu namoonni kuun gareedhaan jalaa qabuun kan dhimma itti bahamus nijira.Innis

yoomessa gara garaa kanneen akka sirna hwaasumaa,daboo hojii qonnaa, midhaan siribuufi sirna wadaajaa irratti  dhimma akka itti bahamu hubatamee jira.

 Maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruu loonii kana keessatti dhiyaataniin  walqabatee ergaan faaruu loonii kun gama icciitii, gorsa, aadaa, duudhaa, diinagdee, barnootaa, falaasama, seenaa, hawwii, komii, marartee, oolmaa, dinqisiiffannaa, balaaleffannaa, qabsoo, hawaasummaa, eebbaafi abaarsaatiin  akka hubatamu bira gahamee jira.

## 5.2 Argannoo

Qorannoo gaggeeffame bu'uura godhachuun argannoon isaa akka armaan gadiitti kaa'ameera.

Faaruu kana keessatti maqaan bakkeewwanii Liqimmeen iddoo horri warra Cabsaa itti aragamu yoo ta'u,Saldhee immoo iddoo mukti ejersa abdaariin warra Bultum Boonaa jiruudha.Tulluun Xarees bakkee mukti ejersaa abdaarii warra Mikoo Odaa itti argamuudha.Iddoowwan kunneen bakkeewwan ulfoo ta'uu isaanii hubatamee jira,Lagni Xaree iddoo guyyuu loonii waqtii Bonaa bishaan dhugan ta'uu hubatamee jira.

Faaruu kana keessatti maqaan uumama gara garaatiis dhiyaatanii jiru.Jabbiloota, dhaltoolee, gorba, sangootaafi harreen hojii qonnaa keessatti gahee guddaa qabaatanis aadaa hawaasichaatiin walqabatee jabbileen gara jibootaatti guddatan korma tulluu,malkaafi warra qaalluuti Waaqan kadhachuf tajaajilan.Qamni looniis eegeefi gogaa irraa meeshaalee ulfoo abbaan gadaafi haati siiqqee qabattu hojjetama. Bu'aan loonii dhadhaan muudaaf,aannan mijuuf,faltiin koboota ta'uun alatti aadaan walqabatee faaydaa qaba.Biqiltuun Odaan yaa'iin jalatti geggeeffamaa kan tureefi qoreen immoo akka abdaariitti dhimma itti bahamaa tureera.Midhaan nuugii,maanyaa yookaan xaafiifi garbuun tajaajila nyaatatin alattis adaadhaan walqabatee garbuun tajaajila gara garaatiif oola.Bishaan horaa hojii mortuun hojjette haxaaruuf dhimma kan itti bahamu yoo ta'u.kan lagaa immoo dhugaatiin alattis, aadadhaan walqabatee dhimma adda addaatiif akka tajaajilu hubatamee jira.

Faaruun kun kan nama tokkoo qofaan hurruubamu akka jiruufi akkasumas; kan namni dandeettii faaruu kanaa qabu baasuun jalaa qabmee hurruubamu akka jiru bira gahamee jira.

Haalli faaruun kuni keessatti dhimma itti bahamuus sirna hawaasumaa gara garaarratti, wadaajafi hojii qonnaa irratti akka ta'e bira gahamee jira.

Ergaan maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruu kana keessatti dhiyaataniin walqabatee hubatamu immoo: gama,gorsaa, aadaa, duudhaa, diinagdee, seenaa, siyaasa, beekumsaa, galateeffannaa, falaasama,hawwii,qabsoo,balaaleffannaa,icciitii,komii,marartee,oolmaa,dinqisiiffannaa,eebbaafi hawaasummaatiin akka hubatamu bira gahamee jira.

## 5.3 Yaboo

Argannoo qorannoo kanaa bira gahame bu'uureffachuu yaboo qorannoo kanaa bifa armaan gadiin kaahameera jira.

- Faaruun loonii kuni Maqaa bakkeewwan ulfoo amantaa hawaasichaatiin walqabateefi faayidaa uumamaa ofkeessaa qaba.Kanamalees;ergaa gama aadaa, seenaa, duudhaa, diinagdee, beekumsa, siyaasa, barnootaa, galateeffannaa, falaasama, hawwii, qabsoo, balaaleffannaa, icciitii, komii, marartee, olmaa, dinqisiiffannaa, eebbaafi hawaasummaatiin hubatamu baatee dhaloota haaraadhaaf dabarsaa dhufee har'a gahee jira. Faaydaan isaa kunis akka hin awwaallamne dhaloonni haaraan faaruu kana dhimma itti bahuu irraa akka of hin qusanne Waajjirri Aadaafi tuurizimii aanichaa dhaloonni kuni dandeetti loon faarsuu akka gonfatan sadarkaa gandaatti hubannoo osoo uumae gaariidha.
- Afoolloi faaruu looonii kuni akka aanichaatti sadarkaa afaanii qofaan waan jiruuf ogeessonni waajjira aadaafi tuurizimii aanichaa afwalaloo kana barreeffamaatti jijjiiruun dhaloonni haaraan akka hubatu osoo jajjabeeffamanii gaariidha.
- Artistoonni Oromoo faaruu kana haala dhiyaannaa isaatiin bifa muuziqaa aadaatiin qopheessuun dhaloota haaraafi hawaasa bal'aa bira akka gahu osoo taasifamee.
- Ani afwalaloo faaruu loonii kana maqaa bakkeewwaniifi uumama keessatti dhiyaatan bu'uura godhachuun ergaa isaa ilaalee jira.Qorattoonni biroo immoo unkaa isaa irratti hundaa'uun osoo ilaalanii gaarii ta'a.

# WABIILEE


A. Balasubramanian (2019), BRANCHES OF ECOLOGY: Centre for Advanced Studies in Earth Science: University of Mysore: Mysore-6

Addunyaa Barkeessaa (2011). Akkamtaa: Yaadrimmee Qorannoo Hujoo (Concept of Applied Research). Finfinnee: Efficeincy Printig Press.

Addunyaa Barkeessaa (2016),Semmoo.Oromiyaa,Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa (2018) ,Semmoo.Oromiyaa,Finfinnee.

Anderzejewski, B.W. (1985), Literature in African Languages.Cambridge: Cambridge University Press.

Awuah-nyamekye, Samuel. (2013),Managing the Environmental Crisis in Ghana: The Role of African Traditional Religion and Culture—A Case Study of Berekum Traditional Area. Ph.D. dissertation, The University of Leeds, Leeds, UK. .

Balehegn, M.(2016)Ecological and Social Wisdom in Camel Praise Poetry Sung by Afar Nomads of Ethiopia Journal of Ethnobiology 36(2): 457–472 .

Barashii Lammaa (2018),"Qaaccessa Adeemsa Arbii Dha'uu" waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa'e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Bayyanaa Leggasaa (2016),"Qaaccessa yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu loonii".waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa'e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Bokku, Dirrib Demissie (2011),Oromo Wisdomi Black Civilization. Finfinnee: Finfinnee Printing and Publishing S.C.

Cuddon, J.A. (1977),A Dictionary of Literary Tenns. Great Britain: Penquin Books.

Crouch D (2010), Flirting with Space: thinking landscape relationally. Cultural Geographies 17(1): 5 – 18.

Denscombe,M. (2007),The Good Research Guide for Small Scale Social Research Projects.( Third Edition) Open University Press.

Dasee Goobanaa (1992), Faaruu Booyaa (fuula 24-34) *Wiirtuu* Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Biiroo Aadaa fi Turiziimii Oromiyaatti garee qormaata Afaan Oromootiin jildii 5ffaa Finfinnee.

Dastaa Dassaaleny (2002),Bu‟uura Qorannoo. Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansa boolee.

Dastaa Dassaaleny (2013), Bu'uura qorannoo. Finfinnee: Far East Treading PLC. (Maxxansa2ffaa)

Debelo, Asebe R. (2012), Contesting Views on a Protected Area Conservation and Development in Ethiopia. Social Sciences 1: 24–43. [CrossRef] de Salviac, Martial. 2005. An ancient people in the state of Menelik: The Oromo (said to be of Gallic origin) great African nation. Finfine: Oromia Culture and Tourism Bureau. Originally published as 1901. Un peuple antique au pays de Ménélik: les Galla (dits d'origine gauloise) grande nation africaine. Paris: H. Oudin Translated by Ayalew Kanno 2005. An Ancient People in the State of Menelik: The Oromo, Great African Nation.

De Salviac. (2005).Translation from the Original French edition. Finfinnee: Reprinted with permission by Oromia Culture and Tourism Bureau.

Dereje Fufa B. (2013), Analysis of creativity and creative context in oral poetry**:**Journal of Language and Culture Vol. 4(1),

Dewo, Tenna (2009),Traditional Moral Values of the Oromo of Ethiopia: A Philosophical Appraisal of the Gada System. Unpublished Ph.D. Thesis, Department of Philosophy, Panjab University, Chandigarh.

Dibaba, Asefa T.( 2015), Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority. Salale Oromo Folklore and Resistance Culture (Ethiopia, Northeast Africa). Ph.D. dissertation, Indiana University, Bloomington, IN, USA.

Dibaba Asefa T, (2020), Oromo Orature: An Ecopoetic Approach, Theory and Practice (Oromia/Ethiopia, Northeast Africa) Article of humanities.

Dorson R. (1972), Folklore & Folklife: An Introduction. Chicago, London: The University of Chikago University Press Ltd.

Dundes, A. (1965), The Study of Folklore in Litera- ture and Culture: Identification and Interpretation. The Journal of American Folklore 78:227. Poe,

Fedhaa Nagaasaa (2001). Amalootaafi Faayidaa Afoolaa. Finfinnee: Dhaabbata Qunnamtii Barnootaa.

Filee Jaallataa (2019), Malleen Qorannoo:ADP press.

Finnegan, R. (1970), Oral Literature in Africa. Oxford: Oxford University Press.

Finnegan,R. (1992),Oral Traditions and The Verbal Arts. London: Routledge.

Frey, L., Botan, C., & Kreps, G. (1999). *Investigating communication: An introduction to research methods.* (2nd ed.) Boston: Allyn & Bacon.

Galmee Jechootaa Afaan Oromoo (1996).Wiirtuu Qo`annoo Qorannoo Afaanota Itoophiyaa.Yuunivarsitii Finfinnee.

Galmee Jechootaa Afaan Oromoo (2007), ODAA:Afaan Oromoo-Ingilizii- Amaaraa:Dhaabbata Maxxansa Kurraazii.

Gemetchu, M. (1993), Identity, Knowledge System and the Colonizing Structure.Unpublished Ph.D. thesis. London: School of Oriental and African Studies.

Geremew and Hunduma (2018), Oromo Oral Literature for Environmental Conservation: A Study of Selected Folksongs in East and West Hararghe Zones. Article of humanities.

Geetaachoo Rabbirraa (2013),"Xiinxala Raawwiifi Afoola Jilawwan Sirna Gadaa Oromoo Jiillee"Yuunvarsitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo MA (Kan Hin Maxxamfamne).

*Georges, R.A. fi Jones, M.O. (1995), Folkloristics: An Introduction. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.*

Girmaa Taaddasaa (2009), Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee*".waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa'e, Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.*

*Goldestin"s Kenneth.(1964), A Guide for Field Worker In Folklore. Hatboro: Folklore Associates Inc.*

*Hassen, M. (1990), The Oromo of Ethiopia: A history 1570-1860. Cambridge: Cambridge University Press.*

Jackson, J.B.(19860, The Vernacular Landscape. InPenning-Rowsell,E.C.&D.Lowen-thal (eds.), Landscape Meanings and Values,65–77. London–Boston–Sydney: Allen and Unwin.

Jiddugala Aadaa Oromootti Garee Qormaata Seenaa (2008),. *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa* Finfinnee.

Jimaa Nuuree (2008), Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammataa (MA): Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teeknoloojii Adaamaa.

Kelbessa, Workineh 2001. Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for In Portugal. In B. Tress, G. Tress, G. Fry & P. Opdam (Eds.), From Landscape Research to Landscape Planning: Aspects of Integration, Education, and Application (pp. 335-344). Dordrecht, Berlin, Heidelberg: Springer.

Kanno, Ayalew (2008), An Ancient People, great African Nation: The Oromo. As Recounted by Martial.

James Abello (2012), Computational folkloristics: Article *in* Communications of the ACM: The State University of New Jersey.

Kanouse, D. E., Gumpert, P., & Canavan-Gumpert, D. (1981),The seman- tics of praise. In J. H. Harvey,W. Ickes, & R. F. Kidd (Eds.), New directions in attribution research (Vol. 3, pp. 97–115). Hillsdale, NJ: Erlbaum.

Kgobe D.M. (1994), Content, Form and Technique of Traditional an Modern Praise Poetry in Northern Soth Africa,

Kaffalaw Ijaaraa (2015), ”Qaaccessa Qabiyyee Mirrisaa”. waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa’e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Keller, Edmond J. (1995), The Ethnogenesis of the Oromo Nation and Its Implications for Politics in Ethiopia. The Journal of Modern Africa Studies 33: 621–34. [CrossRef]

Mammo Gada (2016), BOOK REVIEW: *DUUDHAA* [CUSTOM]:Third Edition:MYBT Printing Press.

Melekneh Mengistu (2003), Fundamentals Of Literature (2nd ed.). Addis Ababa Publishing Enterprise.

Misgaanuu Gulummaa (2011), Dilbii.Finfinnee,Oromiyaa.

n ^ (2007), Population and Housing Census of Ethiopia: Results for Oromia Region , Vol. 1 Archived.

Nagaarii Leencoo (1993), "Mararoo" Wiirtuu (jilddii 6) Finfinnee:comerical printing interprice.

Neuman.L.W. (2007), Basic Social Research.Qualitative and Quantitative Approaches (2nd.Ed) Bost Peason Edu Cailiral Ic.

Okpewho, Isidore (1992), Africa Oral literature: Back ground,character and continuity Bloomington and Indianapolis:Indian University press.

Olaanii Waaqayyoo (2009), "Qaaccessa Afoola Jila Sirn Gadaa".waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa Guuttachuuf qophaa‟e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Poe, Edgar Alan. 1848, New Edition (1999, The Poetic Principle. VA: Chronicles Steam Book Printing House.

Punch.F. (1998), Introduction to Social Research.New Delhi Sage Publication Indian put.Ltd.

Queiroz, A. I. (2005). Building landscape memory through combined sources: commons afforestation.

Ryan, G. W., and H. R. Bernard. 2000. Data management and analysis methods. In *Handbook of qualitative research*, 2d ed., edited by N. Denzin and Y. Lincoln, 769–802. Thousand Oaks,CA: Sage.

Seefuu Taaddasaa (2008), "Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa". waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Seenessaa Nagaashuu, (2020), Qaacessa Afwalaloo Seenaa Badhaadha Dilgaasaa Waamii: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA): Ynvarsiitii Finfinnee.

Singh K. (2007), Quantitative Social Research Methods. India: Sage Publications India Pvt Ltd.

Suufiyaa Siraaji fi Kaawwan. 1999. Afoola:Wirtuu jildii 9:Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo,Finfinne:kan maxxanse Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaatti Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo.

Taaddalaa Olaanaa (2008), "Qaaccessa Weedduu Lakkoo" waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e, Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Tafarii Nugusee (2006).Development of Oromoo literature up to 1991 M.A. Thesis Addis Ababaa University.

Tasfaayee Dirribaa (2018), Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Yuunivarsiitii Finfinnee:

Tomson, William.M.K. (2006), Sampling.From htt://www. Social Research Methods. Net (kb) Sampling.php.

Turner N. J., and F. Berkes. (2006), Coming toUnderstanding: Developing Conservationthrough Incremental Learning in the Pacific Northwest. Human Ecology 34:495–513.

Urgeessaa Xilaahun (2017), Xiinxala Fookloorii Oromoo Itti Fayydam Fardaa Keessatti: waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa'e, Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Zelalem (2010), Thematic Analysis Of Amharic Oral Lyric Poetry M.Athesis.

# Dabaleewwan

## Dabalee A

**Gaaffilee hawaasa naannoo Aanaa Dabra Libaanosiif qophaa'an.**

A Odeeffannoo waa’ee oduu himaa

Maqa________________________________Umrii____________Saala____

Bakka jireenyaa (ganda)____________________________

Gahee hawaasa keessatti qabu___________________

1. Faaruun loonii toora keessanitti bifa akkamiitiin faarfama?
2. Yeroofi haala akkamii keessatti faarfama?Akkam jechuun faarfama?
3. Faruu kana eenyu baasa?Eenyutu jalaa qaba?

4. Maqaan bakkeewwanii yookaan iddoowwanii faaruu kana keessatti dhiyaatan maalfa’i?Hiikkaan isaanii hoo?

4 Hariiroon bakkeewwan yookaan uumamni kuni hawaasa naannoo waliin qabu maali?

5. Bakkeewwanniifi uumamaa faaruu loonii keessatti dhiyaataniin walaqabatee ergaan faaruu kanaa maali?Kallattii kamiin hubatama?

## Dabalee B

Qabxiilee Daawwannaadhaaf Qophaa'an

1. Loon akkam jedhanii faarsu!?
2. Faaruu loonii kana jechoota akkamiitti dhimma bahu? Green jechoota maqaa yoo dhimma itti bahammaa jiru keessaa keessaa maqaan bakkeewwaniifi uumamaa jira?Hiikkaan jechoota kanaa maala fakkaata?
3. Faaruun loonii kuni yeroofi haala akkamii keessatti dhimma itti bahamaa jira?Eenyutu dhimma itti bahaa jira?Eenyutu baasa?Eeenutu jalaa qaba?
4. Bakkeewwa dhiyaataniifi uumama dhiyaatan kanaan walqabatee hiikkaan galuumsa isaa maali?
5. Ergaan faaruu loonii kuni galuumsa isaa keessatti maal fakkaata?

## Dabalee C

## Faaruu Loonii Bifa Dhiichisaatiin Dhimma Itti Bahamu

Dura goraa dura gorraa yaa tiksee looni

Gurroolee aannatu qabee mar'atanii!

Hoo yaa gurraa yaagurraa Salaalee

Aannaan kee xajii caalee.

Dheedaa yaloon damma xiqimtii

Gabareen tamaaree guddise mirtii.

Dheeda yaloon bahaarii

Mee dhugii ilaali

Bahaarii mee dhugi ilaali.

Dheedaa yaaloon homaa hin jiranii

Hattuu shiboodhaan hidhanii!

Hoo hoo loon yaa gurroolee!

Geessee maal walii goona ree!

Hoohoo loon fura dheedanii

Dheedaa bakkuma feetanii.

Loon irraa kaasaa cirrii cirrii

Loon yaa hammaartuu birrii birrii

Isin malee waasii namaa ta'uu dide firrii.

## Faaruu Loonii Bifa Faarsaatiin Dhimma Itti Bahamu

Hoo gurroolee hoo gurroolee

Kan siqabu kooree

Kan sidhabe boohee.

Sidhabanii bohuu mannaa

Siqabaatanii kooruu wayyaa.

Laga bishaan Gafarsa yaaloon

Laga bishaan Gafarsa yaaloon

Loontu nanaaf dabarsa.

Hoo zuuri zuurii

Hoo zuuri zuurii

Afaaniin huuba guurii
Kotteedhan barakata guurii.
Looni yaa loonishee
Looni yaaloonishee
Naaggadeen nagada feeti
Qottuun gargaarsa feetii
Qotiyyoon faaruu feetii.
Gad jedhii hora bu’ii
Ol jedhii hora dhugii
Hora si obaasinnaa
Hora biishaan gabbataa
Hora bu’uun akkuma
Afaan hidhuun yakkuma.
Aannan mijuu ta’aa kan ittiin unatanii
Dhadhaan muudaa ta’aa kan sammuun jiisatanii
Foon irbaata ta’aa kan ittiin bulanii
Faltiin qoraan ta'a kanittiin bilcheessanii.
Qeensi shinii ta’aa kan bunaan dhuganii
Gaafti fal’aan ta’aa kan marqaan nyaatanii
Gogaan itillee ta’aa kan irraatti mugani
Itilleen natii ta’aa kan irra kan irra rafanii.
Gugurraa saawwa Jiilee
Bonni jiillee fagaatee
Arfaasaan siif dhiyaate
Loon wayya wayyaa
Loon wayya wayyaa
Bonaa moo ganna wayyaa.
Bona aduun majanii
Ganna raareen majanii
Afraasaa roobu wayya
Arfaasaa bonaa gannaa

Gaaddisa garbuu wayyaa.
Gateettii tubba gootee
Gateettii tubba gootee
Eegee shurrubbaa gootee
Gooba ilaala gootee
Maala bullukkoo gootee
Abbaakee ulfaa goote
Abbaa kee kurfaa goote
Haadha kee giiftii goote
Diinqa shee ulfoo goote.
Takkatuu shimishimii
Takkatuu shimishimi
wannan siif godhun hima
wanna naaf goote himi.
Hidda lafaa buqqisi
Ilma namaa guddisi
Abbee bullukkoon simi
Haadha kee kutaan simi.
Tar jedii tarree galii
Karra urii bobba'ii
Nagahaan oolii galii.
Takkatuu tumii calleessi
Ija silaalte balleessi
Moraa falfalaa balleessi.
Gurroolee gurraa Muddee
Hamaan kee gurraa duudee.

## Faaruu Loonii Bifa Naanaatiin Dhiyaatan

Yaa nahee yaa bahee osoo dhuganii
Loontu gubbaarran dhugaa
Hin dhugduuree yaa gorbaa koo!
Ilmaafi loonii!

Ilmaafi loontu qa’ee abba tolachaa!

Looni looni jettuu looni looni jettuu

Warri looniin kooree kosii duba qota

Kosiin midhaan jigsaa yaa loon!

Qotiyyoo gaafa qonnaa!

Qotiyyoo gaafa qonnaa!

Osoo golaa dhabuu baatanii.

Osoon Odolee ta’ee

Qamadii malee hin qotuu

Xaafii malee hin qotu

Shamaamee malee hin qotu.

## Faaruu Loonii Bifa Jeekkarsaatiin Dhimma Itti Bahamu

Saawwanaa yaa saawwana!

Saawwanaa yaa loon kanaa!

Sigigsee horrisee obaa bu’e!

Sigigsee horresee Xaree bu’e.

Hora yaa loonii

Eguma moraa faalfalaan

Dhiisee gadi sin dhiisee

Horaa yaloonii.

Siyyee loonii

Hoo yaa loonii.

## Faaruu Loonii Bifa Weedduutiin Dhiyaatan

Birraa galtamoo Sanee galta

yaa guchee saawwan Sulultaa.

Birraas hin galu sanees hin galu kaloo nutti bitani

Kaloo nutti bitani bopoda irra halbeedhaan nufixani.

## Faaruu Loonii Bifa Sirba Asmaaritiin Dhiyaatan

Akka jedhee jorroo qotiyyoonii

Akka jedhee gaarree qotiyyooni

Talbaa qoteetan daara sibaasa

Nuugi qoteetan gibira baasa
Maanyaa qoteetan beela sibaasaa
Garbuu qoteetan bara sibaasaa.
Maaliif badaatti nadhaantaa
Duuban qacceedhan nafaaqxa.
Malan balleesse yaa gabaree koo!
Gabaree koo!
Fardaafi harree gorboo itti ijaarta
Ana qoree maaf natti ijaarta
Me barandaa xinnoo natti ijaari
Etti ejjedheen buqqisa daarii
Achaan sirraa fageessa chiggarri.
Qotiyyoo jijiituu
Gabaree jijiituu
Midhaan nyaatan malee
Bishaan dhugan malee
Aduun naaf hin dhiittuu
Kan dhiitte hin bariitu.
Qottuu yaa gabaree Midhaani midhaani
Warri loon hin qabne ijju imimmaani.

## Gabatee Ragaa Od-kennitootaa

## Dabalee D

| Lkk. | Magaa Guutuu | Saala | Umrii | Aanaa | Ganda | Guyyaa | GaheeHojii | Ragaa kennee |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tasfaayee suyyum | Dh. | 70 | D/L | Xaree | 4/09/2013 | A/Gadaa | Faaruu |
| 2 | Mul'ataa Maaramii | Dhi | 72 | D/L | Xaree | 14/08/13 | Q/Bulaaa | Faaruu |
| 3 | Admaasee Kabbadaa | Dhi. | 70 | D/L | d/j | 12/09/13 | A/Gadaa | Farauu |
| 4 | Girmaa Zallaqaa | Dhi. | 72 | D/L | d/j | 10/10/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 5 | Faayituu Wadaaajoo | Dub | 68 | D/L | Sh/01 | 15/07/13 | H/Siiqee | Faaruu |
| 6 | Getaachoo T/woldi | DH. | 75 | D/L | d/j | 10/6/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 7 | Xibabuu Taaffasa | Dh. | 54 | D/L | Sonee | 1/13/12 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 8 | Bokee Lammaa | Dh. | 76 | D/L | Xaree | 10/06/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 9 | Darribaa Warqii | Dh. | 60 | D/L | Xaree | 10/06/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 10 | Lammaa Gammachuu | Dh. | 70 | D/L | Xaree | 10/06/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 11 | Taammiruu Gaarii | Dh. | 54 | D/L | Xaree | 10/06/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 12 | Abrahaam Nigusee | Dhi | 54 | D/L | Sonee | 1/13/12 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 13 | Darribee Baayyuu | Dh. | 69 | D/L | Sonee | 1/13/12 | Q/Bulaa | Faruu |
| 14 | Hayilee Tuufoo | Dh. | 74 | W/e | mach. | 4/08/13 | A/Gadaa | Faruu |
| 15 | Hundee Dooyittoo | DH. | 79 | D/L | xumm. | 10/6/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 16 | Baqqalaa Taklaa | Dh. | 79 | D/L | b/i | 16/09/13 | Q/Bulaa | Faruu |
| 17 | Simee Addunnaa | Dhi | 79 | D/L | waak. | 13/06/13 | Q/Bulaa | Faaruu |
| 18 | Axadee Ida'aa | Dub.. | 60 | D/l | xumm. | 22/05/13 | Q/bultuu | Faaruu |
| 19 | Shawaayyee Adamuu | Dub. | 50 | D/L | Xaree | 10/06/13 | Q/Bltuu | Faaruu |
| 20 | Zawdee Malkaa | Dh. | 69 | D/L | Sh.01. | 10/06/12 | Q/Bulaa | Faaaruu |
| 21 | Mokonnin Diinagdee | Dh. | 68 | D/L | Sh,01. | 19/9/12 | A/Gadaa | Faaruu |
| 22 | Jiisaa Suyyum | Dh. | 54 | D/L | Sh/ 01 | 15/07/13 | H/w/Afi T/D/L | Faaaruu |

**Dabalee E**

Suura Od kennitoota Qorannichaa



*Suur 1 Ob. Girmaa Zallaqaa suura qorataadhan guyyaa 10/10/13 ganda Gooroo Warxuutti kaafame.*



*Suura 2 Haadha siiqqee Add. Faayituu Wadaajoo suura guyyaa 15/07/13 qorataan magaalaa Shararootti kafame*



Suura 3 Ob.Getaachoo T/Waldi suura guyyaa 28/12/12 *12/06/13*
*Qorataadhaan ganda Gooroo Warxuutti Xurriitti*
*kaafame.*




Suura 4 *Ob, Hayilee Tuufoo suura guyyaa*
*Aanaa Wucaalee Magaalaa Muka*
*kaafame.*



*Hora Liqimmee guyyaa 28/02/2014 yeroo irreeffatan*



*Suura 5 Iddoo Ulfoo Ardaa Jilaa Ejersa Bokkuu qorataadhaan guyyaa 26/03/2013 kaafame.*



*Suuyura 6  guyyaa 22/07/ganda xareetti yeroo loon faarsan qorataadhaan kaafame*

**IBSA**

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti kan argamu barruun waraqaa qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiin itti gargaarame hunda kanan beeksise ta'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo________________

Guyyaa_________________